مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# Contemporary Approaches To The Qur'an And Sunnah

*Mahmoud Ayoub*

# Maloota Ammayyaa Kan Qur'aanaa Fi Sunnaa

**Qopheessaan:**
*Mahmuud Ayyuub*

**Hiikaan:**
*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# CONTEMPORARY APPROACHES TO THE QUR'AN AND SUNNAH

Mahmoud Ayoub

# MALOOTA AMMAYYAA KAN QUR'AANAA FI SUNNAA

*Qopheessaan:*

***Mahmuud Ayyuub***

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/60**

## IIIT- Kan Kitaabolee Marsaalee Gaggabooboo

Kitaaboleen marsaa gaggabaaboo kun funaansa ijoo dhaabbatichaa kan maxxansoota gurguddoo ta'anii haala mijaawaa ta'een bocaman, kan dubbistootaaf qabiyyeewwan ijoo ta'an hubannoo battalaa fi bu'uuraa ta'e kennudha.

Haala gabaabaa dubbisuudhaaf salphaaa fi bifa yeroo qusatuun kan qindaa'eefi cuunfaan hiriyyaan keenya yaada of eeggannoon barraa'ee kan maxxansa akkaan irra guddaa ta'eedha. Barruun kun akka dubbistoonni kitaabicha hundee (jalqabaa) barbaadanii dubbisaniif kaka'umsa itti horuu akka danda'u abadatama.

## BOQONNAA TOKKOFFAA

## MORMII YKN FALMII WAA'EE HAQAMIINSA (ITTI FAYYADAMA DHIISUU ERGAA) QUR'AANA KEESSAA;

## QEEQA JIRU

**Israar Amhad Kaaniin**

Mormiin beekumsi amantii fi seeraa dhimma naannawa Qur'aanaaf furmaata laachuuf yaadame wal-qoodinsa beektota seera Islaamaa (fuqhaa'a) fi mufassirtota (hiiktota Qur'aanaa) murna garaa garaatti bahan godhe. Dhimmi falmii haqamiinsa Qur'aana keessatti argame ilaalchisee gareen lama mul'ataniiru. Gareen lamaan kunis warroota jalqabarraa haqamiinsa kana deeggaranii fi warra mormaniidha. Lamaan isaaniituu yaada mataa isaanii irratti hundaa'anii yaada isaanii dhugoomsuuf irratti cichaa turan. Haa ta'u malee, waan isaan jedhan irratti carraa ta'umsaa lama qofatu ture. Takkaa gareen lamaaniyyuu dhimma haqamiinsa Qur'aana keessatti dhufe irratti dogongoraniiru. Yookiin ammoo garee tokko qofatu sirriidha jechuudha. Boqonnaan kun falmii dhimma barsiisa haqamiinsaa fi faallaa sanaa irratti ija loogii hin qabnee fi sirrii ta'een kan ilaaluu ta'a.

Haqiinsi (*al-naskh*) akka galuumsaatti waa lama ibsa. 1ffaa-balleessuu fi hambisuudha. Fakkeenyaaf, aduun gaaddisa dhabamsiifti, sababni isaa bahiinsa ifa aduutiin gaaddisni iddoo gadi dhiisa. Fakkeenyi tokko immoo Qur'aana keessatti;-

Rabbiin waan Sheeyixaanni fidu dhabamsiisuu fi galmee iddoo biraatti gargalchuudha. Fakkeenyaaf, kitaabni gargalfame (copied) jedhu. Fakkeenyi Qur'aana gargale kanaa. "nuti waan isin hojjataa turan san galmeessaa turre" hojiirra oolmaan ;al-nask shari'aa(seera) Islaamaa keessatti,isa miira calqabaa ibsa. Sababni ajaja dabre kan jalqabaa dirqama ummatarratti ta'e kaasuun kan garsiisu bakka buusuunis haa ta'u osoo bakka hin buusin haqamiinsa jechuudha.

Al-zurqaaniin "al-nask" akkatti hiike "haqiinsa ajaja Islaamaa falmii seera sirrii ta'etiiniiti" jechuudhani. Falmiiwwan dhimma haqiinsaaf ka'an sababa qoqqodiinsa gartuulee adda addaatti qoodamuuf baay'ee hedduudha. Falmiiwwan kun hundinuu gosa lama jalatti ramadamu. Kanneen yaada haqiinsaa walii galaan deeggaranii fi kanneen uumama haqamiinsaa mataa isaa Qur'aana keessa jajjabeessaniidha. Keeyyatoota Qur'aanaa keessaa kanneen uumama haqamiinsa Qur'aana keessatti argamuu mirkaneessan (deeggaran);2:106, 2:269 ,3:7 ,4:16 ,5:48, 13:39, 16:10, 17:86 fi 22:53 dha.

Keeyyanni 2:16 akki jedhu "nuti aayata kamuu hin haqne (jijjiirru) ykn akka dagatamu hin goonu garuu keewwatoota biroo kan isa fakkaatuun ykn isarra fooyyessina malee ….".keeyyanni kun ifatti kan inni ibsu uumamuu ykn carraa uumamuu haqamiinsa Rabbiin mataa isaatiin taasifameedha.

Mormitoota haqamiinsaatiif "aayah" jechuun keeyyata Qur'aanaa ibsa. Itti fayyadama Qur'aanaatiin, jechi "aayah"

jedhu lamee gargar ta'ee fi danoomni isaa "aayaat" si'a 86 kan itti fayyadamame, al tokko qofaa fi si'a 296 wal duraa duubani. Itti fayyadamni kun hiika salphaa "keeyyata" Qur'aaniitii miti jechuudha. Warri haqamiinsa deeggaranis jechoota sahaabota sadihii irratti hirkachhun yaada sadiin kana eeraniiru. Sahaabonni kunniinis, Umar bin Al-kaxxaab, ALii bin Abu xaalib fi Abdullaah ibni Abbaasiidha. Hima tokkoffaa keessatti umar bin kaxxaab; "Ubaayi bin ka'ab dhimma haqamiinsa irratti hunda keenyarrayyuu beekadha "jedhe. Sararri namoota hadiisa kana odeessanii addaan citaadhaa fi dhugummaa isaa hin mirkaneeffamne. Dabalataanis, namni kamuu umariin wabii godhatee haqamiinsa (jijjiirama) Qur'aana keessaa xiinxala (yaada) isaa kennuu hin danda'u.

Hima lammaffaa keessatti, ilaacha Alii dhaatu bifa haasawa isaa fi oduu himtoota jiddutti godhameen dhihaate. Aliinis nama lammaffaa waa'ee haqiinsaa (al-nasika) fi kan wanta haqamee (al-mansuukh) akka quba qabuu gaafate. Yeroo inni akka hin taanetti deebii isaa kennu Aliin akkas jedhee akeekkachiise; "Ati mataa keetiifi namoota biroollee balleessutti jirta"jedheen. Haala kamiin gabaasni kun falmii haqamiinsa Qur'aana keessaa deeggaru of keessatti qabateedhaa? Sila oduu himaa kanatu barsiisa Qur'aanaa ta'ee Aliin dhimma miidhaa wallaalummaa inni haqamiinsa Qur'aanaa keessa irratti qabuuf isaaf akeekkachiisa kennaa jiraa? Dhugaan garuu oduu himaan osoo hin taane akkuma mata duree irraa agarru" oduu himaa dha. Kan ifattis geessu oduu himuudha. Osoo inni barsiisaa Qur'aanaa ta'ee turee akka oduu himtuutti maqaan isaa hin dhahamu ture.

Akka gabaasicharraa hubannutti ,oduu himtuun himamsa afaanii hundumaa (gosaa hundaa) odeessu, himamsa afaanii uummata durii  fi kan nabiyyootaa hubannaa isaa kitaabolee durii irratti hundaa'ee  jechuudha.yammuu Aliin waa'ee haqamiinsaa fi kan  haqamee ilaalchisee bekumsa inni qabu isa gaafate,tarii tarii wa'ee haqamiinsaa wanta Qur'aana keessatti bu'eefi  aayatoota haqamanii kanneen kitaabota durii ta'uu  ni mala. Gabaasni kun is falmii dhimma haqamiinsa keeyyattoota Qur'aanaa deeggaru hin qabu.

Isa sadaffaatti yoo dhufne immoo, wabiin kaa'ame Ibni Abbaasiin wal qabata. Innis hiika jiraachuu haqmiinsaa ajaja itti aanu keessa jiruuf inni kennurratti hundaa'a. (2:180). " yoo duuti tokkoo keessanitti kan dhihaattu taate,isiniif waan murteen dabre,yoo qabeenya hedduu ,of duubatti dhiisee kan dabru taate,dhaamsa isaa maatii fi firoota isaatiif loogii malee hiraa.kunis nama Rabbitti amanu kamiifuu dirqama." Ibni abbaas aayatoota akka 2:106 fi 3:7 akka ilaacha isaatti akka waan haqamiinsa (jijjiirama) Qur'aana keessaa mirkaneessaniitti hiike. Keeyyatoonni kun guutummaatti akka dhufiinsa isaaniitti irratti kan mari'atamaniidha.ta'ullee waa'ee haqamiinsa Qur'aana keessaa hin dubbatan. Kan isaan agarsiisan haqamiinsa kitaabolee durii irratti ta'ame kan Qur'aana keessatti dhufeedha. maqaa ibni abbaas akka hin taanetti  kan itti gargaaramanii fi kanneen fedhii dhuunfaa qabaniinis dogongoraan itti fayyadamaniidha.

Al- zurqaaniin, mormii haqamiinsa Qur'aanaa keessa deeggara Qur'aana keessaa deeggaruun akkas jedhe,"

“keeyyatoonni muraasa ta’an kanneen hojiitti hiikuun ulfaatoo ta’antu jira. Haa ta’u malee himni Qur’aanaa kan seera haqamiinsaa ibsu hin jiru.kanarras darbee,barruulee hadiisaa keessas seenaan akkasiis hin jiru” .alzurqaaniinis tasuma haa jennu jechuudha fakkaata.dabalataanis, akka al-Dahlaawiitti,aayatoonni haqaman (jijjiiraman) Qur’aana keessatti aaayaa 2:180 ,2:240 , 8:65, 33:52, fi 58:12 niidha. Akka xiyyeeffannoof tolutti yaada kennitoonni garuu dhimma haqamiinsa (fooyya’iinsa) aayatootaa kanaa irratti akka aayatoonni kun hin jijjiiramin beeksisaniiru.kanaafuu, keeyyanni Qur’aanaa kamillee hin geeddaramne.

Jechi haqamiinsa (jijjiirama) Qur’aana keessatti dhufe yaad-rimee walii galtee irratti bu’uureffateedha yaada jedhuutu jira. Dhugaadhaan garuu hayyoota Muslimtootaa giddutti walii galteen akkasii wahiituu hin jitru. Beektonnis gartuuleetti addaan qoodamaniiru.kunis tokko kan deeggaru kaan immoo warra yaadicha mormani. Dabalataanis, jechi walii galtee jedhus seenaa har’aa ni faallessa. Akka *Al-Raaziin* jedhutti walii galteen hayyoota Muslimaa qofti dhugummmaa hijiirra oolmaa seerota Qur’aanaa haquuf gahaa hin ta’u. Dursi sochiilee faallaa tiyoorii (yaaddidda haqmiinsaa) kan eegale *Abu Muliim Al-Asfahaaniidha.* Mormiin jecha haqamiinsa Qur’aana keessaa jedhu gosa lama; jecha Qur’aanaatii fi hiika Qur’aanaati. Akka yaada isaatti, jechi Qur’aanaa kan jijjiirama Qur’aanaa keessaa faallessu jecha “*jechi dharaa/sobaa kamuu isa keessatti duraanis ta’ee duuba isaatiin hin argamtu,kan ittiin ergame beekumsa(hikmaa) guutuudhaani, faaruun hundi isaafi”* (41:12). Tiyoorii haqamiinsaas soba jechuun beeksise. Al-

asfahaaniin wanti inni lafa kaa'e,ni hiikamu malee hin haqaman ykn immoo hin fooyya'an kan jedhuudha.

Keyyanni Qur'aanaa 2:185 akki jedhu "Ramadaanni ji'a kabajamaa Qur'aanni qajeelluma ilma namaatiifi ragaa qajeelcha ifaa ta'e keessaatti buufameedha, safartuu dhugaa fi dharaati…"ulagaaleen kun sadeen kun guutuu Qur'aaniitiif hojiirra oola. *Keeyyanni 4:82 akkas jedha; "sila isaan Qur'aana irra abdii hin kaa'atanii? Waan Rabbi irraa malee kan biroo irraa dhufe se'uu? Silaa garaa garummaa heddu keessatti argan tureeyyu*." Akka jecha kanaatti, Qur'aanni garaagarummaa kam irraayyuu kan bilisa ta'eedha. *Keeyyanni 5:3 akki jedhu ".....har'a amantii keessan isniif guutuu goone, tola kiyyallee isinitti oolee jira, isaalummaa immoo akka daandii jiruu fi jireenya keessaniitti isiniif jaaladhee (filadhee) jira*.

Bu'iinsa ergaa kanaa wajjiin, Nabii (SAW) fi hordoftoonni isaanii guutummaa Qur'aanaa mirkaneessaniiru. Keeyyanni11:1, akkas jedha "Alif Laam Ra, kun kitaaba keeyyatoonnii (aayaatoonni) isa keessa jiran guutuu (*uhukimat*) taatee fi isa akkaan beekaa ta'een gadi fageenyaan ibsamteedha, hunda hubataa kan ta'een". Keeyyatoonni 17:82 akkas jedha, "Nuti Qur'aana buusnee jirra kan warra itti amaneef rahmataa fi fayyisaa isaanii ta'e…" kanaafuu kutaan Qur'aanaa hundi isaa dawaadha, faallaa gargaartota warra haqamiinsaa Qur'aanaa labsanii jechuudha. Keeyyatni Qur'aanaa 36:2, (akkas jedhe "Qur'aanni kan beekumsaan guutuu ta'eedha "keeyyanni kun Qur'aana akka beekumsaatti ibsa. Tokkoon tokkoo ajajoota

Rabbi waliin deemu, yoo toon keeyyata Qur’aanaa akka waan ilama namaa waliin hin adeemneettii xiqqeeffamee ilaalame, silaa Qur’aanni akka guutuu ta’etti hin hafu ture. Keeyyanni 39:28 akka jedhu, “Kun Qur’aana afaan Arabaati kan dharri wahii isa keessatti hin argamne….”uumaadhaan oduun keeyyata kana keessatti gabaafame dhugaa bakka kan bu’uudha.

Qur’aanni Nabiyyarratti buufame. Rabbiin akkasuma ibsa isaa isaaf laate, namni tokkollee jecha kallattiidhaan kan Nabiin aayaa Qur’aanaa kamuu hojiirra oolchuun isaa dogongora jedhan hin argamne. Yoo inni dhimma tokkorratti kan cal’ise taate, kun kan garsiisu aayaan Qur’aanaa kamillee hin haqamne (hin jijjiiramne) jechuudha. Yaaddiddi haqamiinsa Qur’aanaa kun gara hin taaneen dhugummaa Qur’aanaa kan hubeedha. Wanti kamuu Qur’aanni akka hundee isaa irraa maqu ykn jijjiiramu taasisu loojikiidhaan dhoowwamaadha.

# BOQONNAA LAMA

## IBSA YAAD-RIMEE WARAANA QULQULLUU (JUST WAR) QUR’AANA IRRATTI HUNDAA’E

***Barruu Aa’ishaa Y.Muusaa***

Yaad-rimeen beekamaan Jihaadaa akka waraana qulqulluu (*Holy War*) tti kan eegalame ka’umsa dambalii olola faallaa Islaamaa irratti hayyoota badiitiini hafarfameeni. Kan Muslimaatii fi hin ta’in irraallee lameenuu jechicha akka sirritti hin hubatin irraa mul’ata. Olola ooftonni fakkii Islaamaa akka waan balaafamaa ta’eettii fi hidhattoonni Muslimaa akka waan faallaa Islaamummaa ta’erretti humnaan duulaniitti kaasan. Wanti gocha hidhattootaa fi jechoota olola ooftata kana jiddutti bade miira itti fayyadama Qur’aanaa jecha Jihaada jedhuu fi akkamitti waraana hidhannoo waliin hariiroo qabaata yookiin hin qabaatu kan jedhuudha. Rakkoon har’aan kana nu muudataa jiru akkamitti hubannoo dhugaa kan Qur’aanaa irratti hundaa’e jecha Jihaada jedhu uumuudha. Akkamitti hubannoon kun hariiroo Jihaadni waraana hidhannoo waliin qabu too’achuun murteessinaadha.

Kunis qajeelfamoonni Qur’aana irratti hundaa’an tarii “kan Waraana Qulqulluu (Just War)” jedhumu ibsuu akka dandeenyuufi. Boqonnaan kun xiinxala bilisaa fi hiika jechaanii qabatamaa kitaabichaa haala ammaa, ilaalcha jabanaa fi qajeelfama hiika Qur’aanaa Qur’aanaan “(*Tafsiir Al Qur’aan Bil Qur’aan)” jedhu hojiitti hiikuunii fi* qajeelfama *fuqahaa’aa*

*(hayyoota seeraa) (al asli fi al kalam al haqiiqah)* (bu'uurri jechaa dhugaadha jedhuuti.

Ilaalcha Qur'aanawaa ta'e gaafii Jihaada jedhuuf barbaaduun barbaachisaa ta'a.sababni isaa Muslimtoonni Qur'aanni kitaaba Rabbiitii fi aangoo ol aanaa amantii fi raawwii Islaamummaa ibsu jedhanii waan itti amananiifi. Maddootni biroo hundinuu isarraa kan ilaallatanii fi gargaartota isaati. Hiiknii fi ibsi Qur'aanaa kanaafuu Qur'aana mataa isaa mirraa eegala. Yaada gartokkeen Qur'aana gartokkee isaa isa biroo ibsa jedhu iarraa kaanee ,qajeelfamni xiinxala akkasii qulqulluu keessatti ibsaman oduuwwan madda biroo irraa argaman waliin wal qabsiifamanii, kanneen akka duudhaa (hadiispota ) nabiyyii fi barruulee seenaa jiraanya isaanii (siirah)tti fayyadamuun dhimmoota yeroo ammaatiif deebiiwwan Islaamaa qabatamaan hojiirra ooluu danda'an uumuun ni danda'ama.

Qur'aanni yeroo waraana ibsuu barbaadu jecha Jihaada jedhu hin fayyadamu. Jecha "*qitaal*" <ykn wal waraanuu> jedhu fayyadama. Yaad-rimeen waraana qulqulluu (al-har al muqaddasa) jedhu Qur'aana keessa hin jiru. Yeroo baay'ee jichi Jihaada jedhu akka waraanaatti yoo hubatamellee, Qur'aanni yeroo hundaa haala baay'ee bal'ina qabuun itti fayyadama .Qur'aanni kallattiidhaan waraana ibsuu yoo barbaade, jechi inni yeroo hedduu itti garagaaramu,"qitaal" kan jedhuudha. Maqaan Jihaada jedhu Qur'aana keessatti si'a afur qofa kan dhufe. Xumurtuun Jihaadaa (qabsoo, tattaafachuu) jettu karaa garaagaraatiin si'a 31 mul'atte. Tokkoon isheellee kallattiidhaan

waraanuu ykn gocha loltummaa hin garsiisan 31 keessaa 14 keessatti xumurtuun Jihaadaa Qur’aana keessatti mul’attee, karaa Rabbiin keessatti qabsaahuu akka walii galaatti warra Rabbiif bitameef fayyadamame.

Itti fayyadamni bal’aa fi walii gala jecha Jihaada jedhuu Qur’aana keessatti beektota fiqhii Muslimtootaa durii gosa Jihaadaa afur akka jiru hubannoo akka qabaatan taasiseera. Isaanis qabsoo (Jihaada) onnee, Jihaada arrabaa, Jihaada harkaa fi Jihaada waraanaa (seeyfii) ti. Kanneen keessaa inni jalqabaa qabsoo onnee badii sheeyixaanaa irraa qulqulleessuu yoo ta’u, innis akka Jihaada irra ol’aanaatti fudhatama. Jihaadni arrabaa fi harkaa immoo kan ibsan hojii ergaa geessuu fi gocha gaarii dalaguuti. Jihaadni seeyifii ykn waraanaa immoo addatti, itti fayyadama humnaa barbaachisaa fi wilqixxummaa qabu jechuudha.

Waan itti fayyadamni humnaa walqixxummaa fi barbaachisaa ta’etti fayyadamuun gosa Jihaadaa akaakuu tokko qofa taheef jechi Jihaada jedhu lola(waraana) wajjiin walfakaataa (tokkoo) miti. Akkuma jecha Jihaadaa, jechi Qitaal jedhu, xumurtuu gartuu sadaffaati. Hiddi ishee “q-t-l” kan jedhu yoo tahu hiikni hundee isaa “ajjeesuu” akka du’u taasisuudha. Hiddi “qatala “jedhuu keeyyatoota Qur’aanaa 22 keessatti si’a 170 mul’ate. Mul’atiinsa kana keessaa jechi “qitaal” jedhu mataan isaa si’a kudha sadi (13) keeyyatoota 10 keessatti mul’ate. Maqaan isaan waliin deemu “qatala” (yuqaatilu) immoo si’a 52 mul’ate. Jechi qatala (ajjeese) jedhu dhalatoowwan isaa garaa garaa fi jechoota waliin maqaa “qatli”

jedhu ibsan keeyyatoota Qur'aanaa 77 keessatti si'a 98 mul'atiinru. Walii galli seerota ajjeechaa ykn lolaa keeyyata 17:33 keessatti ibsameera.

"*Lubbuu dhala namaa akka hin baasne, ishee Rabbiin karaa haqa ta'e irratti malee baasuun sirratti dhoowwaa taasise (harramse)....."* Aayanni 5:32

akki jedhu "*Tokkoon ilma namaa yoo nama ajjeese (galaafate); adabbii ajjeechaa inni raawwateen ykn badii fuula lafaa irra facaasuun alatti ,akka waan lubbuu ilma namaa hunda ajjeesee fi yoo lubbuu nama tokkoo kan baraaru taate ,akkasuma akka waan lubbuu ilma namaa hundaa baraareeti*"

Akka Qur'aanaatti lubbu takka haalota kanaan alatti balleessuun, safuudhaan akka sanyii dhala namaa barbadeessuun walqixxeedha. Cinaan Qur'aanaa gaafiiwwan muraasa (Jihaada) fi lola (qitaal) jedhu ibsuudhaaf yoo fayyadame bu'uuraaleen (qajeelfamoonni) afur ifaadha. Isaanis waraanni (lolli) yeroo tokko tokko barbaachisaa ta'uu, weerarri dhoowwamaa ta'uu isaa, waraanni duubdeebii weerara addaa fi yeroo haqxi dhabamtee ta'uu fi lolli tokko yoo sababa lolichaa furmaata argate kan dhaabbatu, akkasumas yoo weerartoonni nagaha barbaadan taate kan dhaabbatu ta'uudha. Bu'uuraawwan kun daangaa Qur'aanaa irratti hundaa'ee kan hayyoonni Muslimaa tiyoorii gadi fagoo ta'e sababa waraanni gaggeeffamuufii male kan addunyaa har'aa keessatti sunnaan Nabii, akkasuma dhugaan hawaasaa fi siyaasaa har'aa ibsuuf nu fayyada.

# BOQONNAA SADI

## HEDDUMMINA AMANTIIWWANII FI QUR'AANA

Heddumminaa fi garaa garummaaleen amantii calaqqisiisan garaa garummaa aadaawwanii fi qaroomaati. Ilaalchi Qur'aanaa kan idila addunyaa ta'e, kan xiyyeeffannoon isaa garaagarummaa sanyii dhala namaa fi eenyyummaa aadaawwanii ta'e kan dandeettii uumaa fi waaqatti amanuu, heddummina amantiiwwan dhalaa namaa murtee duraan darbee galma kaayyoo kana ittiin ga'uu waaqaan ta'uun hubatameera. Kanaaf, jalqabarratti hiika heddummina jedhu akka amantii fi falaasamaatti kenna. Itti aansuun immoo akkaataa galumsa seenaa qarooma Baha Giddu Galeessaatti irratti xiyyeeffadha. Xumura irrattis heddummina amantiiwwanii Qur'aana keessatti kan dhiheessu (mariisu) ta'a.

Akka itti fayyadama kuusa jechootaatti, heddumminni danooma, faallaa qeenxee ta'e ibsa.heddumminni kanarras darbee garaa garummaa kan ibsuu fi addaa addummaa jechuudha. Akka barnoota amantiitti hiikni heddummina amantaa, addummaa amantiiwwanii fi hunda hammatiinsa amantii kan jedhuun adda baasuun dirqama ta'a.heddumminni amantii baay'inaa fi garaa garummaa amantiiwwanii akka taatee fedhii waaqaa ta'eetti hubachuun ofitti fudhachuudha. Har'allee heddumminni amantiiwwanii yoo akka daangessa hiika qabeessa marii yaada ijaarsa amantoota amantiiwwan adda addaa jidduu ta'ellee, amantiin hundi yoo xiqqaate amantiiwwan

Rabbiif bitamiinsaa hundi, daandii dhugaa seera qabeessa ta'anii hubatamuu qabu. Amantiiwwan gurguddoon hundi kan qabatanii jiran dhugaa takka taateedha. Isheenis hubannaa ilama namaatii oli kan jedhu. Ammas, erga kaayyoon amantiiwwan hundaatuu dhugaa barbaacha ta'ee, karaa dhugaa ykn kaayyoo sanatti geessuu jiraachuun dirqama, "*Nutis isumarraayi, garuma isaatittis deebina ....." 2:156, ta'eefi*.

Kitaabota amantiiwwan Rabbiif bitamuu hunda keessaa Qur'aani gama ilaalcha addunyaa tokkummaa Rabbiitiin lafa kaa'uu fi adda addummaa Islaamaa fi garaa garummaa amantiiwwaniis dabalatee kan addaati. Dabalataanis, adda addummaa amantiiwwanii akka mallattoo (ayat) Rabbiitti kan ilaalu. Lammaffaan immoo, bu'aa isaa "kan uumama samii fi dacheeti". Akkasumas heddummina amantiiwwaniis karaa irra fooyya'aa ta'een kan ilaaluudha. Qur'aanni bu'uuraalee hundee kan dhugaa amantiiwwan kamiituu akeeku afur lafa kaa'a. Inni jalqabaa, amantiin dhugaa kamiyyuu kitaabota waaqaa irraa bu'an yookiin seera qulqulluu (Shari'ah) dhaan dhufuu qabu. 2ffaan, tokkichummaa Rabbi (tawhiida) mirkaneessuun dirqama. 3ffaa- Rabbitti amanuu barsiisuu fi Guyyaa Qiyaamaa (xumura dachee) dhugoomsuun dirqama. Xumurarratti, jireenya tola ooltummaa ykn gaarummaa ibsuu qaba (*Ihsaana*) jechuudha .bu'uuraalee hundee kana irratti dhaabbatee, Qur'aanni dhugummaa amantii Islaamaa.Yahuudaa (Jewish), Kiristaanumaa Fi Saabaa (Sabeans) mirkaneessee jira.

Heddumminni amntiiwwanii fi kitaabolee calqabarratti kan ka'e nabiyyootaa fi ergamtoota lakkofsaan baay'ee heddu

ta'an kan tokko tokkotti aanee dhufaa ture, Aadamii qabee hanga Muhaammaditti, adeemsa uumamaa guddaa keessatti jechuudha. Mirkaneessa Qur'aanaa irratti hirkannee "*tokkoon uummataallee hin turree kan osoo Rabbiin ergamaa (akeekachiisaa) isaanitti hin ergamin*" (35:24).

Seenaan dhala namaa, akka ilaalcha Qur'aanaa addunyaawaa kanaatti seenaa nabiyyummaati jechuudha. Seenaan Nabiyyuummaa immoo dhugumatti seenaa qajeelfama Rabbiin ilma namaaf Nabiyyootaa fi ergamtoota isaatiin taasiseedha. Qajeelfamni waaqaa, dabalataan, of dagatiinsa namummaa kan ammaa amma waadaa jalqabaa Rabbii isaatiif gale akka yaadachiifamu waadaan galameedha. Haala kanaan Qur'aanni amntii karaalee lama kan adda ta'an garuu kan walitti hidhamaniin dhiheessa.

Inni jalqabaa, amantiiwwan hundeeffaman kan akka Islaamaa, kiristaanaa fi judiiziimiiti. Isaan kun warra dallaa seeraa fi akkaataa gaggeessa amantaa isaanii, kan hordoftoonni amantii isaanii eenyummaa seeraa fi hawaasummaa isaanii yahuudaa (jews), kiristaanotaa fi Muslimtoota jechuun beekaman qabu. Duudhaaleen sadeeniituu yaadaan waan Qur'aanni jedhu "*millat abuukum ibraahiim*" (daandii abbaa keessan Ibraahim) jedhu ilmaan isaa hundaa Muslimtoota jechuun yaamu kan jedhu of keessaa qabaachuu qaba.

Amantiiwwan namaa hundeeffaman kun geejjiba barbaachisaa fi dallaa yaada walii gala keessatti, kan isaaniin bakka bu'aniidha. Qur'aanni yaadicha keessoo kana (*fixrah*)

(uumaa) ykn uuumama hundee Rabbii kan dhala nama hundaa jedhee waama. Uumamni waaqaa qulqulluun kun dandeettii uumaa Rabbi beekuu fi isatti amanuu, kan namni wajjiin dhalateeti. Kana jechuun daa'imni hundi qulqullummaadhaan dhalatan jechuudha.

Qur'aanni adda addummaa fi heddummina amantii qofa galateeffachuu osoo hin taane, bu'uuraalee hariiroowwan amantiiwwanii wal waliin gaggeessuu qabu lafa kaa'ee jira. Kabajaa fi eegumsa iddoowwan amantiiwwan kamuu akka tiikfamanuu qaban ajaja. Rabbiin akki jedhu "*Sila Rabbiin namoota muraasa karaa namootaa kaaniitti cufaa ta'an hin goonee, wantoota gabbaramanii fi manneen amantii Kiristaanaa, Masjiidota fi iddoowwan jireenya Moloksootaa kan maqaan Rabbi Keessatti dhahaman barbadaa'aniiruu....." (22:40)*. Qur'aanas ta'ee barsiisni (duudhaan) Nabiyyii kamiyyuu Yahuudaa fi Kiristaanota eenyummaa amantaa isaanii akka dhiisanii fi Muslima akka ta'an yoo filannoo isaanii walabaatiin ta'e malee hin gaafanne." Bu'uurri walabummaa amantii Islaamummaa kun mirkaneessu caasaa Qur'aanaa "*Amantii keessa dirqamni hin jirtu" (2:256)* jedhuudha.

Qur'aanaa fi sunnaan Nabii Muslimtootaa fi hordoftoota amantii biroo akka isaan marii bu'a qabeessa waliin taasisan, wal-gargaarsaa fi walii galtee taasisan qofa bu'uuraalee hundee ta'an irratti hundaa'ee kan lafa kaa'eedha. Kunis waan Qur'aanni "gara jecha wal nu fakkeessuutti koottaa" kan jedhuu fi Muslimtootaa fi warra kitaabatti amanan, Rabbiin malee kan biraa tokkollee akka hin gabbarree fi mootiin biraa Rabbiin

malee akka hin jirre (3:64) kan eerameedha. Dhugaadhaan waamichi seeraa “ahla *al kitaab*”)(warra kitaabaa) yaa’aa akkaati. Akkuma Muslimtoonni aadaawwan amantiiwwanii akkaan baraa dhufaniin hawaasni heddumminaan hammataa kan dhufeedha.

Hunda keenyaafuu rakkoo kan ta’e Rabbitti amanuu fi hojii toltuu hojjachhuu fi waan gaarii irratti wal dorgomuudha. Rakkoo kanarraa ka’eeti kan namootni amantii kan wal kabajanii fi hundinuu kan wanta Rabbirraa bu’utti kan amanuu danda’an. Qur’aanni hordoftoota Isalaamaa, Kiristaanaa fi Judiziimii kan dhiheesse rakkoolee gurguddaa kana qofaan osoo hin taane, waadaa gudaa waliini. Waadichis “Y*oo warri kitaabaa Towaaraatitti, Wangeelaa fi akkasuma waan Rabbi isaanii irraa bu’e (Qur’aan) Natti kan bulan taate, tolli Rabbi gubbaa fi miila isaanii jalaan isaaniif laanna (isaanii kennina.” (5:66)*

# BOQONNAA AFUR

## BU'A JIDDUU KITAABA QULQULLUU QUR'AANA KEESSATTI I FI KITAABOTA JUDO-KIRISTAANAA

## ILAALCHA MUSLIMTOOTAA KAN WALII GALA FI ADDATTI KAN KITAABAOTA QULQULLUU KEESSAA

KHAALID TIRUUDII

Muslimtoonni amanan Qur'aana akka haasawa kallattii filatamaa kan qajeelfama dhala namaa hundumaaf dubbatutti, keessatti immoo kitaaboleen judo-kiristaana duraanii, akka barnoota dudhaa Islaamaatti, amantii hafuuraa addaa fi dhimmaa yeroo kan uummataa adda ta'ee kan Nabiyyottaaf kennameedha. Maaliif Muslimtoonni Qur'aana akka kitaaba qulqulluu hunda dhuunfataa (muheymin) fi hunda galeessa (universal) ta'eettii fi kitaabolee amantii judo-kiristaanaa immoo akka kan murna tokkoo (particular) ta'etti fudhatan kan jedhu qoradhee ture.

Xiinxalli keeyyattoota Qur'aanaa hedduun maloota heddu qo'annoo Qur'aanaa gaggeessuudhaaf gargaaran dhiheessee jira. Amantii Islaamaa keessatti, akka keeyyata Qur'aanaa (42:15) jedhutti yaadni kitaabota Rabbirraa dhufanitti amanuu akka keeyyata amantaa tokkootti illaalama. Dubbisoonni Qur'aanaa hedduun kanneen akka (43:31),(13:39), fi (56:78) kan garsiisan " *Jirmi kitaabota hundaa maddi isaa tokko*, haadha kitaabotaa(ummal al kitaab) fi akkasuma kitaaba

dhookfamaa ta'e (al kitab al maknuun) jedhamee waamamu kooppiin hundee isaa qulqulluu ta'eedha. Kanaaf Muslimtootaaf Qur'aanni, keessattuu dubbistoonni waa'ee Nabiyyoota duraanii himan madda barsiisa amantiiwwanii kan tokkummaa, kitaabota qulqulluu isaan Rabbi biraa bu'anii kan Nabiyyoonni adda dureewwan olaanoo ta'aniiti. Sababa kanaaf Nabi Muhaammadii fi Muslimtoonni hundi amantii jalqabaa Nabiyyummaa Nuuhii, Ibraahim, Muusaa fi Iisaa, akkasuma dhugummaa kitaabota isaan dhufaniinii osoo addaan isaan hin baasin itti amanuun isaan irratti dirqama ta'eera. Dabalataanios keeyyatoonni Qur'aanaa kana akka

(42:13),(3:95),(2:130), fi 22:78; kan mirkaneessan ; Judiiziimiin, Kiristaanummaa fi Islaamummaan akka "ergaa Waaqaa kan jirma tokko waliin qabaniitti" fi bu'uurri isaanii akkaataan itti fudhatamuu qabu akka duudhaa amantiiwwaniitti osoo hin taane akka amantii tokkootti ta'uu qaba. Haa tga'u malee hayyoonni dhihoo amantaa akkas jedhu kana ni qeequ. Kanas yaada Nabi Muhaammad waggoota claqabaa afran ergamsa isaanii kan Nabiyyummaa keessatti kitaabolee qulqulluu durii waliin qunnamtii wahiituu hin uumne jedhu fudhachuudhaani. Karaa biraatiin, akkasuma wanti isaan mirkaneessan jecha Islaamummaa " ija amantiiwwan macaafa qulqulluu duriitiin ilaale " kan jedhuudha.kanattis dabalanii jechi isaanii "Muslimtoonni hedduun jechoota amntiiwwan birootiif faallaa ta'an jajjabeessu kan filatanii fi kan amantiiwwan biroo faarsu ni irraanfatu" jedhu. Kana malees komiin isaanii biroo "Muslimtoonni amantiiwwan biroo Islaamummaa keessatti ilaalu, kan akka yaada isaaniitti amantii

hanqinni wahiituu keessaa hin qabne jedhanii amanan "keessatti jedhu.

Haa ta'u malee, bu'uurri rakkoo falmii kanaa kan akka burqe adda qoodinsa qorannoo baroota hojii nabiyyummaa Nabi Muhaammadii fi Qur'aanaa bakka lama adda ta'etti adda baasuudha. Qorannoon faallaa dubbisoota (keeyyatoota) Qur'aana akka Rahmaan ibsutti, inumaa "kan ibsu guddina suutaati. Ce'umsa murtaa'aa kan sadarkaan makkaa isa boodaa sadarkaawwan Madiinaa isaan calqabaa waliin wal fakkeenya bu'uuraa ta'e qabuudha. Namni tokko isa boodaa keessatti isa kan duraa kan argu ta'a.

Wanti isaan hubachuu dadhaban, hiiktonni (mufassirtoonni) Muslimaa dhugaan xiyyeeffannoo isaanii kan irra kaa'an Judiziimii fi Kiristaanummaa deeggartoonni isaanii Nabiyyootaa fi kitaabota (Towraatis ta'ee Wangeela) dhaan kan filatamaniidha. Kanaafuu sadarkaa akkaan jabaa ta'een jalatti namoota amantaa biroo caalaa buluu qabaniidha.

Kana malees, Rashiid Ridaan, "ergamtoonni kan dhufan waan beektonni walitti qaban, addaan baasanii ibsuu fi wantoota dhimma barbaachisoo ta'an ibsuu, wantoota akka fuuldurri maal fakkaataa fi karaalee Rabbiin ittiin gabbaruun isa biratti fudhatama ykn gammachuu hin qabne ibsuuf qofaadha" jedha. Ridaan dabalatanis kan inni ifa godhe, itti gaafatamummaan ykn dirqamni xiqqaan ilmi namaa dhimma Rabbii isaa waliin Rabbitti amanuu fi guyyaa dhumaatti amanuudha. Namni kamiyyuu kan ergaan tun isa dhaqqabe, ergamsa nabiyyummaa

irraa bu'aa argatee dhiisettillee itti amanuun dirqama.wanti barnoota amantaa Islaamaa keessatti hidda gadi fageeffate tokko yaada uummanni hundinuu nabiyyoota mataa isaanii kan ergaa kitaaba qulqulluu adda ta'e qabatanii fi hamma ta'e gadi fageenyaa isaanii irratti adda addummaa kan qabaniidha jedhu. Akka keewwata Qur'aanaa (5:3) tti, marsaan ergamaa fi nabiyyummaa kun deemsi isaa dhufaatii Islaamaa irraa kan eegaleedha.

Akka duudha Islaamaatti, kitaabni dhugaa cuunfaa jiddu seensa seenaa waaqaati, kan paatarnii walqabatiinsaa (waliin deemsa) bifa murtaa'aa ta'e ifa godheedha". Keeyyatni Qur'aanaa 5:48, fi kaayyanni Isa fakkaatan ifatti kan mirkaneessan yaada kitaabota hundaa ol ta'anii calqaba bu'aniiti. Muslimni hundi wanti fudhachuu qabu Rabbiin wanti Qur'aana dhugaadhaan buuseef akka mirkaneessa kitaabolee isa dura bu'an hundaa fi eegduu isaanii ta'uufi. Dabalataanis, yaanni nabiyyummaa xumuraa ta'uus ifatti keeyyata Qur'aanaa 33:40 fi keeyyata isa fakkaatan keessatti ifatti mul'ata. Kunis nabi Muhaammad ergamaa dhuma Rabbiin dhala namaatti ergameedha kan jedhuudha.

Haa ta'u malee, ergaan Qur'aanaa kan irratti xiyyeefffatu Nabi Muhaammad nama seeraa kopheessa kan amantaa haarawa Islaamaa fi duudha macaafa qulqulluu (biblical tradition) waliin wal qunnamsiise keessattuu nabiyyoota ('ahlul al kitaab) kan Nabi Ibraahim, Nuuhii fi Aadam irraa dhufeedha. Haaluma kanaan Muslimtoonni wanti jedhan " Yaahuudonnii fi Kiristaanonni uumaadhaan Nabiyyii

Arabaatti akka amanan  kan affeeramanii fi  nabi Muhaammad immoo fufsiisa amantii isaanii ta'eedha" hiiktonni Islaamaa yaada kitaabota qulqulluu ol aanoo bu'anii seenaa nabiyyootaa , yaahudotaa fi kiristaanotaan waliin wal qabsiisan. Judiziimii fi kiristaanummaan akka amantiiwwan dhugaa kan bifa amantii dhugaa tokko qabuutii fi kan seenaa yeroo murtaa'aa ta'e tokko qabuutti fudhatan akka duudha Islaamaatti Rabbiin Nabi Muusaa fi Iisaa uummata Israa'el qofaaf erge, ogguu Nabi Muhaammad immoo ergama addunyaa guutuutiin dhufana jedha. Hubannoon hiiktota Islaamaa kun akka isaan ergamsi Muusaa fi iisaa (ASW) bakkaa fi yeroodhaanis murtaa'aadha jedhan taasise. Sababa kanaaf Muslimtoonni ergamsi nabi Muhaammad kan daangaa walii gala fi daangaa ji'oogaraafawaan ykn sanyummaan hin qoodamneedha jedhanii amanu. Muslimtoonni Qur'aana akka ergaa dhala namaa hundaa, kan Rabbirraa dhufe, kan injifannoo tokkichumma Rabbi (tawhiida) warra amantii qabne irraa mirkaneessuf dhufe fi kan dogondora hubannoo kitaabota qulqulluu judio-kiristaanummaa serreessuuf akkasumas dogongora kiristaanonni Iisaa ilaalchisee qaban sirreessuuf dhufeedha.

Jiraachuu amantaa dhugaa tokkichaa fi dhugummaa seerota ilaalchisee hiiktonni (*mufassirtoonni)* Islaamaa akka amantiin qulqulluun inni calqabaa jiruu fi Islaamummaan immoo ibsa isaa kan namoomaati. Bifa kanaan, seerotni isaa ajajoota fi seerota gara garaa yoo qabaatinis hundeedhaan tokkuma, kanneen xiqqeessuun immoo addunyaa har'aatiif barbaachisaa miti.

## BOQONNAA SHAN

## HIIKA QUR'AANAA (TAFSIIR), SAAYINSII HAWAASAA FI JUDIZIIMII QUR'AANA KEESSATTI

*Muhaammad Abu Na'imii*

Seenaa Islaama keessatti hayyoonni Islaamaa akka bakka buutota uummataa kan yaanni isaanii dhimma hundarratti bu'a qabeessa ta'eetti ilaallamu.qabatamatti, yeroo muraasaaf hayyoonni kun mummeewwan biroo kanneen akka Fiiziksii, Aljebraa, Keemistirii, Astroonoomii, Aartii, Barnoota Fayyaa (medicine) dabalatee beekamoo ta'an. Haa ta'u malee yaadonni yaada Qur'aanaa keessatti ibsaman qorannoo fallaa muraasa ta'e kan yaalii bu'a qabeessa adeemsa haaromsa Islaamummaa har'aa tanaa kan qabuudha. Ilaalchota mufassirtootaa fi hayyootaa kanneen asitti gabaabumatti akka ilaalcha yahuudotaataa Qura'aana keessaatti ibsee jira.

Muhaammad Ibn Bhadar Ibn Abdullah zarkashii (d.1391) kan ibsee ture, hiikkaan ykn tafsiirri waa sadihiif barbaachisa. Namoonni dandeettiin beekumsa isaanii garagara. Kanaaf dubbistoonni gariin tarii walii gala barbaadu haa jennu, gartokkeen Qur'aaanaa kan inni irraa ijaarame yaadota namoota beekumsa gahaa hin qabneef salphatti hin hubatamu. Muraasni isaa immoo hiikkaawwan heddu waan qabuuf namoota ogummaa sanaan baratan qofaan hubatama.

Alzarkaashiin beekumsa hayyoota toora kanaaf barbaachisu ibsa sagaleewwan afaan arabaa durii illee makatee

akkasuma sababa bu'iinsa (asbaab al nuzuul) dhihaassaa ture. Akka inni ibsetti gar-tokkeen Qur'aanaa hubachuudhaaf ulfaataadha sababa walii gala (umum al-sibab) fi sababa addaa (khusus al sabab) waan of hammateefi. Keeyyatoonni muraasni jechoota isaanii irratti walii gala waan ibsan fakkaatu garuu tarii haalota adda ta'e dhaamsa dabarsu.

Jalaal Al Diin Al Suyuuxiin (d.1505) keeyyattoota Qur'aanaa bakka gurguddaa lamatti qoode. Qoodni jalqabaa kan of keessatti qabate wantoota booddee taatee ykn gaafii nabiyyii fi kaan immoo waan isa haguugu kan hin qabneedha. Akkasumas baqqaana biroo kan haala galumsa isaa kan hiika keeyyataa jijjiiruu danda'u dabale; kunis bakka murtaa'aa, yeroo bu'iitii fi waan haarawa baatee dhufe moo kan duriitiin walirra kan aane kan jedhuudha. Malli beekamaan tafsiira tokko tafsir *al Qur'aan bi al Qur'aan* (hiika Qur'aanaa Qur'aanaan) jedhu yoo ta'u kunis yaada gartokkeen Qur'aanaa gartokkee Qur'aanaa guuta yaada jedhu irratti ijaarame.

Lammaffaan immoo Al Tafsiir-Al Qur'aan bi alma'suur) hiika Qur'aanaa sunnaa (duudhaadhaa) kan jedhuudha. Sayyid Huseen Nasrii fi Ismaa'el Al-faaruuq Qur'aana akki itti dhihaatan akka walii galaatti waan ilaalcha addunyaa tawhiida (tokkichummaa Rabbi) jedhu ijaaruu barbaadaniifi. Al-faaruuq ii fi Nasri hubannoo hariiroo Rabbii fi nama jiddu jiru akka yaad-rimeee"khilaafah' (bakka bu'ummaa) kenne. Nasri kan irratti bu'uureffate gama Islaamummaa ijaan hin mul'annee (suufiyaa) yoo ta'u al faaruuq immoo barnoota tokkichummaa waaqa irratti xiyyeeffate.

Dhugummaan Qur'aanaa kan yeroo hundaafii bakka hundaa jechuun hundi himoota ykn jechoota isa keessa jiranii bakka hundaa fi yeroo hundatti dhugaadha jennee fudhachuu jechuu miti. Akka ibsametti hayyoonni Qur'aanaa kan duraanii yeroo hedduu waa'ee haala gahumsa bu'iinsa xiinxalaa irratti adda turan. Hubannoon walii galaa yeroo ammaa kan Qur'aanaa kun rakkoolee malootaa fi hiikkaa, hedduu hiika Qur'aanaa kan durii irratti qorannaa akka ka'u taasise. Dhimmi yaaddidda kanaa ijoon qeeqa hojiiwwan kanaan duraa irratti ka'an, sila mormi hawaasaa pirojektii biroo kan addaati moo kanuma ergaan isaa kitaabota qulqulluu irratti xiyyeefate kana kan jedhuudha.

Hammam yoo ulfaataa, hojiitti hiikuun kan hin danda'amnee ykn kan hin barbadamne yoo ta'ellee namni tokko gochoota lama adda baasuun kan gaafachuu qabu sila ammallee mufassirtoonni warri hin leenji'inii fi amala dhala namaa hubachuu hin dandaanye, waan Qur'aanni jedhu kan waa'ee ilmaan namaa akkaan ajaa'ibsiisaa ta'e irratti hirmaatee? Gaafii jedhuudha. Akkas godhanii qeeqa baay'ee bal'aa ta'e hayyoota irraa dhufan keessummeessuu danda'u qabu. Waa'ee faayidaa hojiitti hiikama gaafii kanaa hubachuudhaaf wanti namni tokko yaaduu malu carraa hundeessa disippiliinota fiildii waliinii beekumsa hayyoota tafsiiraa fi saayinsii hawaasaa akkasuma amala lameeniituu uumuun akka danda'amuudha.

# BOQONNAA JAHA

# QUR’AANAA FI SAAYINSII

## IMAAD ADDIIN AHMAD

Hubachuun adeemsa suutaa hanga namni tokko waa beekuuti. Hubannaan, karaa biraatiin waan battalaaati. Akka waan biroo kan dandeettii sammuu too’achuu dandeenyutti hubannaa too’achuu hin dandeenyu. Yoo dandeettiin sammuu fakkiiwwan birootiin liqimfamte, hubannoo argachuu mallu irraa hulaa dhiphaa keessatti ofitti cufnee jirra. Wantoonni akkasii gufuu ofitti fudhatiinsa yaadota warraaqsa saayinsii haarawaa kan jijjiiramaaf fakkeenya ta’eeti. Hubannaa Islaamaa haarawa argachuu fi argannoo haarawa Qur’aana irraa walitti qabuudhaaf tooftaa jijjiiramaatti geessu dirqama qopheessuu qabna.

Haala kanaan ogguu Qur’aanaa fi saayinsiitti dhihaannu dallaa tokkichummaa Rabbii (tawhiida) hordofuun dirqama ta’a. Kunis diddaa addaan baasinsa amantaa fi sekularii ta’e gaafata. Uumamnis akkuma Qur’aana kitaaba Rabbiiti. Maloota adda addaa kan hariiroo Qur’aanaa fi saayinsii kan akka sookoo (metaphoric), hiika jechaanii (literalist) fi kan adeemsaa jennnee addaan qooduu fi madaaluun ni dandeenya. Malli baay’ee sookoo qabu akkuma yeroon darbaan deemuun dhugaan sookoo Qur’aanaa haalaan ifa namaa ta’aa kan deemuu fi garuu sookoowwan kitaaba qulqulluu keessaa immoo akkuma yeroon fagaataa deemuun hubannaan isaa ulfaachaa kan adeemuudha. Gama Qur’aanaatiin dubbiiwwan qolaa hedduun kan gadaa

nabiin jiranitti burjaajii uumaa turan yeroo keenya kanatti hiika argataa jiru. Malli guutummatti jechaan hiikuu dhugaa daangaa hin qabne Qur'aanaa moodeelii saayinsii jijjiiramaa jiruun walitti hidha.

Yaaddiddoonni saayinsii dhaabbiidhaan kan jijjiiramanii fi mul'ataniidha. Saayinsiin moodeelota beektota hubannaa uumaatiif kan dhiheessu yoo ta'u moodeelonni kun garuu guutuu miti. Yeroo hundayyuu hubannoo keenya kan yeroo sanaa kan irra wayyaatii fi jijjiiramuu itti fufuudha. Kitaabni kitaaba saayinsawaa miti. Innis kan ajaju Rabbiin uumama akkamitti akka uumetti nu hin ajaju. Kan itti nu ajaju inni wixinee jira, akka wixina isaa kana qorannuufi. Kanaafuu Qur'aanni saayinsii ni dursa. Agarsiisitonni hedduun qarooma Islaamaa kan guddina saayinsii ammayyaa jajjabeessan jiru. Sababni qofti madda gahaa beekumsaati miti. Akkasuma waan Qur'aanni dabarsu kan yeroo mallattoolee Rabbii kan samii fi dachii keessa jiran ilaalutti ajaju daawwannaalee fi yaaliwwan ifatti garsiisan ni jiru.

Dandeettiin madda beekumsaati. Waahyiinis (dabarsi madda dhugaa irraa ta'e) baay'ee barbaachisaadha. Yoo sababni, muuxannoo fi maddootni amanamoon keenya hundi walii galan sana booda beekumsa hanga silaa ilmi namaa qabaachuu danda'u ni qabna jechuu ni dandeenya. Rabbiin qofatu waan cufa dhugaa guutuummmatti beeka. Qur'aanni akka dubbisnu nu ajaja. Kana jechuun akka beekumsa maddoota alaa irraa argannuuf jechuudha. Malli qu'annaa waan xiqqaa irraa garaa waan guddaatti nama geessu tiyooriiwwan yaalii of eeggannon

guutame kan daawwannaa qabatamaa fi qo'annaa irratti hundaa'e gaggeessuu gaafata.

Gama hunda galeessummatiin, Qur'aanni kan barsiisuu fi nuti itti amannu dhugaan hundinuu Rabbiin biraa dhufti kan jedhuudha. Kanaafuu sababa Rabbiin ergamtoota uummata hundatti ergeef, uummatni hundi dhugaatti ga'an. Nuti beekumsa seenaa keenyaa qofatti hin daangeffamnu. Muslimni hundi dhiiraa fi dhalaa osoo hin jenne, gaafa dhalatee qabee hanga du'utti beekumsa barbaaduu qaba. Islaamummaan milkaa'ina addunyaa qabeenya jiruu irraa hin leellistu. Warroonni qabeenyaan milkaa'an warra saayinsii qabatamaa agarru keessatti qorannoo gaggeessaniidha. Naannawa akkaadamii walaba ta'e keessatti, saayinsiin gara fuula duraatti tarkaanfachuun waan oolle.faallaa kanaa immoo walabummaa barnoota addunyaa tanaa dirqama itti gaafatamummaa dhuunfaa keenyaa fi dirqama Rabbif jennee nuti baanuudha.

Haa ta'u malee elementiin tokko qofti duuba Qur'aana kanaatii kallattiidhaan kan ba'ee miti. Kun dhimmaa ragaa seeraa fi sirrii ta'e dhiheessuuti. Islaamummaan guddina madda ragaa kaa'umsa saayinsii hadiisaa keessatti shoora guddaa fi ol'aanaa ta'e taphateera. Barreessaan tokko saayinsii keessatti gahee yoo taphatellee garuu saayinsii ammayyaa keessatti gaafatamuu danda'a.kanaafuu yeroo ragaa barreessaa tokkoo laannu ifattii fi qixa sirrii ta'een addaan basuu qabna. Saayinsiin hadiisaa moodeelii saayinsii birootiin hordomuu isaa lafa kaa'ee jira.

Yaadonni saayinsii addunyaa ammayyaa keessatti mul'atan tarii hanga ammaatti hubannoo namoota irra jireessaatti dhangala'ee hin makamne. Yaanni dacheen aduurra naannofti jedhu saayinsistootaaf yoo dafee hundeeffamellee, namootni kun yaadicha waggoota dhibbaan lakkaa'amanittillee ofitti hin fudhanne. Isaan yeroo yaada namootaa aduun dachee naannofti jedhutti amanuu isaanii dhagahan har'aan tana kolfan, waanti isaan of gaafachuu qaban, dacheen aduutti naannofti kan jedhu mataa isaatiin ragaadhaa? Kan jedhuudha. Qur'aanni (*ghayib*) wanta hin beekamne fi *shahaada* (wanta ragaan jiru ykn beekamu) kan mul'ataa ta'ee fi hin mul'anne eeree jira.

Tiyooriin (yaaddiddi) hookkoraa (chaos theory) kan "butterfly-effect" jedhamuun beekamu, wanti inni akeeku; dhugaa sirnoonni qabatamaan mul'atan jijjiirama xiqqoodhaaf jalqabarratti garmalee si'aawoodha. Yeroo sochii hangaatiin walitti dabalaman si'aa'inni humnaa olii sirna jijjiirama wantoota xixiqqoo haasawa dhimma amantii waliin walfakkaata. Kunis ilma namaa kan walabaa fi harka keessaa qabachuu waaqaa fa'a. Makaaniksiin Kuwantam (*Quantum Mechanics*) wanti martinuu faalkaa isaa kan jalqabaatiin murtaa'a yaada jedhuuf bakka guddaa laata. Wantoonni hundinuu hawaa keessatti argaman wantoota biroo hawaa keessa jiran waliin hidhata ykn hariiroo qabu jedha.

Kuwaantam Makaaniksiin akka jedhutti damabaliin asitti mul'ate kun dambalii carraa bakka suudoowwanii fi hanga sochii uumaa (momentum) kan bakka suudoowwanii fi sochii suudota kanaa hanga ilaalutti dhugaadhaan hin jirreedha.

Carraan jiru suudoowwan iddoo murtaa'atti kan argaman ykn carraa wantoonni xixinnoon (paartikiloonni) moomantamii (sochii uumaa) murtaa'e keessatti kan argamaniidha. Karaan tokkichi nuti iddoo ykn hnaga sochii suudoowwanii itti beekuu dandeenyu isaan safaruu ykn daawwachuudhaani. Haa ta'u malee ogguu daawwannu wantoota daawwannu irra miidhaa geessina (ni jijjiirra).

Kanaafuu yoo gaafii maal ta'a yoo daawwachuu baanne? jedhu gaafanne,osoo homtuu hin ilaalan baatiin ni jiraa? Homaa beekuu hin dandeenyu. Wanti marti fiiziksii miti. Wanti mul'atu bu'aa wanta hin mul'anneeti. Wanti hin mul'annis immoo tarii fiizikaalaa miti. Tiyoorii kooraa keessatti, garaa garuummaan sochii hangaa abidda walqabataa ta'ee hin taanee nama tokko ofitti fudhachuu ykn irra deebi'ee waan jedhu addunyaa wantoota xixiqqootti geessuu danda'a. Isaan kun gaafii fedhii ilma namaati.  Bu'aan fedhii waaqaas jira. Yeroo waa'ee guutummaa hawaa haasofnu, Rabbiin kadhaa kee owwaachuu yoo barbaade, seera isaa buuse osoo hin faallessin owwaachuu danda'a. sababni isaa makaanisksiin kuwantum tarii wantoonni akkamitti walii galaan socha'an kan jedhu qofa wan nutti himuufi.

Wantoonni muraasni hanga digrii ta'e wahiitti hin yaadaman. Makaaniksiin kuwantum kun Rabbiin wantoota akkamitti akka raawwatu nutty hima. Garuu, garuma ta'eenuu ta'u Rabbiin gocha biraas ni raawwata. Kun ammo seera fiiziksii cabsuu jechuu miti. Isarra darbee, amantiiwwan akka qulqulluu fi saayinsii akka balafaa (najiisaatti) ilaaluu osoo hin taane

hojiiwwan ibsa hubannootti, ibsa dheeraa fi wanta mul’atu immoo akka hubannoo qulqullaa’e kan hubannoo jechaa fi hiika qu’aanatti ilaaluudha qabna. Isaan hubachuun immoo gocha gabbartii Rabbiiti.

## BOQONNAA TORBA

## HIIKA KEEYYATOOTA (AAYAA) QUR'AANAA AFAAN WALIIN; KEESSA DEEBII WALBIRA QABIINSA MATA DUREE IRRATTI HUNDAA'E

***DAAWUD NASIIMII***

Hiikaan Qur'aanaa akka walii galaatti hojii ulfaataa yoo ta'ellee hiikni keeyyatoota ajajoota Qur'aanaa keessaa baay'ee ulfaataadha. Hiiktota Qur'aanaa irratti kan barbaadan hubannoo fi xiyyeeffannoo sababiiwwan biroo dabalataan beekumsaa fi ajaja afaanota lameeniiti. Sila Qur'aanni (afaan jalqaba) isaa jecha dhugaa Rabbi ta'eef, Muslimtootaaf hiikni Qur'aanaa gara afaan biroo yeroo hunda daangeffamaadha. Kanaafuu, hayyoonni Islaamaa fi hiiktonni Qur'aanaa kan itti walii galan hiikni Qur'aanaa kamuu hiika ergaa Qur'aanni dabarsuu barbaadee fi kan wanta Qur'aanaan walqixa ta'eetii miti. Wal bira qabiinsi kun gosoota hiikaa afur irratti kan xiyyeeffateedha.

Kan Abdullaah Yuusuf Alii (as booda YA jechuun beekamu), hiika Qur'aana qulqulluu Muhaammad Asad (MA), fi Muhaammad Muhsin Khan (H FI K), ibsa hiika kitaaba qulqulluu afaan ingiliffaatiin (interpretation of the meaning of the Qur'aan in English language) fi Sayyid Abu Al-A'alaa Mawuduudii, gara hubannoo Qur'aanaa (*towards the understanding of Qur'an; abridged version of tafsir al Qur'aan* (A/M) Dha. Dubbisni isaa gama ifa ta'uu hiikaa, xiyyeeffannoo akkaataa galumsa keeyyataa, mata-duree, kutaalee, suurota, hubannoo beekumsa seera Islaamaa (fiqhi) fi huubannoo seera

duubdeebii fi dhimma yeroo irratti hundaa'ee ilaalame. Dubbisni keessa deebiidhaaf booqannaa kana keessatti filatame tokko yoo jiraate kutaa duraa haala uffannaa dubartootaa irratti ajajan waliin kan wal qabateedha.

Murteewwan (ahkaam) ajajni, dirqamni, murteen, wanti murteen isaa duraan darbe, kan Qur'aanaa madda calqabaa kan seera Islaamaa(shari'ah) uumu. Afaan ajaja aayatoota Qur'aanaa yroo hedduu bifa adda ta'e qaba. Hedduun ajajoota Qur'aanaa qajeellummaa amantoota isaaniif geessuun eegala. "Yaa warra natti amantan hoo!" jechuudhaani. hiiktonni Qur'aanaa beekumsa seeraa( fiqhii) fi dhimmoota addunyaa har'aa Qur'aanaan hidhata qaban qabaachuu isaan barbaachisa. Hiikni keeyata Qur'aanaa (24:31), hedduun isaa keessa ni deebi'amu. Ajajni kunis (*ahkam-alhijaab*) jedhamanii beekamu. Hijaab kan jedhu dhiiraa fi dubartiilleef kan itti gargaaramu yoo ta'u yeroo baayyee haala uffannaa dubartootaa ibsuuf oola.

Keeyyanni 24:31 kan durfameen keeyyata dhiirota Muslimaa dursa ija isaanii akka gadi qabatanii fi gaa'ela dura sagaagalummaa raawwii irraa akka of qusatan ajajuudhaani. Yeroo kija gadi qabatanii fi qaama saala isaanii tikfatan kan ta'uu qabu dhiiraa fi dubartiilleen jechuudha. Akka keeyyatoota 24:30, 24:31, keessatti ibsametti dubartoonni bareeda uumaa isaanii akka dhookfatan irraa barbaadama. Kutaan itti aanu keeyyata 24:31 dubartoota kan itti waamu osoo sagaleen miila isaanii lafa hin qawwisiisin akka deeman sababa tarii sagaleen akkasii warra dhiiraa hawachuu waan danda'aniifi. Keeyyanni

24:31 kan ittiin xumuramu warra Rabbitti amanee milkaa'ina dhugaatiif gara Rabbi akka deebi'uu qaban affeeruudhaani.

**YA; keeyyata 24:31 akkas jedhee hiike** "jedhiin *dubartoota amananiin akka ija isaanii gadi qabatanii fi safuu isaanii eeggatan, akka midhaaginaa fi faaya isaanii hin garsiifne. Iddoo silaa mul'achuu qaban malee,hijaaba isaanii harma isaanii uwwisuu danda'u irraan haa uffatan,midhaagina isaanii abbaa warra isaanii malee akka hin garsiifne,akkasuma abbootii isaanii ,abboota abbaa warraa jaraa,ilmaan isaanii,ilmaan dhiirsaa,obboleewwan isaanii,ykn ilmaan obboleewwan isaanii ykn ilmaan obboleettiiwwan isaanii ykn dubartootaaf,ykn gabroota qabeenya harka mirgaa isaanii ta'an,ykn hojjataa dhiiraa fedhii qabatamaa hin qabne ykn ijoollee miira waa saalfii hin ga'inii fi akkasuma miilli isaanii sagalee dhageessisaa dhiira faaya isaaniitiin ofitti hawachuuf akka hin deemne. Yaa warra natti amantani hoo! hundi keessanuu gara Rabbi deebi'aa gammachuu daangaa hin qabne argattuutii!"*

**MA immoo keeyyata 24:31 akkas jechuun hiike**; "*dubartoota amananitti itti himiin akka ija isaanii gadi qabatanii fi durbummaa isaanii eeggatan;miidhaagina ishee (uummata ) hawaasa keessatti hamma mul'achuu qabu malee akka hingarsiifne.kanaaf waan mataa isaanii uwwisu harma isaanii irrallee haa uwwisan,akkasuma miidhagina isaanii kana namittuu akka hin garsiifne abbaa warra ishee ykn abboota jaraa, ykn abboota dhiirsota jaraa ,ilmaan isaanii ykn ilma abbaa warra isaanii,ykn obboleewwan jara, ykn ilmaan*

*obboleewwanii ykn obboleettiiwwanii ykn hawaasaa (tuuta dubartoota qofaa) ykn waan harki mirgaa isaanii dhuunfate ykn dhiira umriin isaanii fedhii qunnamtii saalaa irra darbe,ykn ijoollee qullummaa dubartootaa isaaniif qaanfachuu hin ga'inii yoo ta'an malee fi deemsa isaanii keessatti miila isaaniitiin akka lafa hin dhiinne midhaagina isaanii dhokate mul'isuuf, yeroo hundaa yaa warra Natti amane hoo! Hundi keessanuu gara Rabbitti deebi'aa araarama kadhaa yoosan tarii ganda gammachuu badhaafamtuu!"*

**H&K akki itti hiike immoo** " *Dubartoota amanan akka isaan waan laaluun dhoorkaa ta'e irraa ija gadi qabatan itti himiin,akka isaan qaama saala isaanii saal-qunnamtii seeraan alaa irraa tiikfatan itti himiin,akkasuma akka bareedina qaama isaanii namittuu hin garsiifne bakka mul'ataa ta'e malee(ganaa harkaa,ija takka ykn ija lameen karaa arguudhaaf ykn uffata alaa kan akka hijaabaa,guwaantii harkaa ,shaashii mataa fi qamisii (keesiseenii) fi jalbaaba isaanii guutummaatti qaama isaanii haa uffisan, (juhuubibihinna) (qaama jaraa ,fuula ,mormaa fi harma isaanii),akkasuma miidhagina isaanii akka hin garsiifne dhiirsa isaanii, abboota jaraa, abboota abbaa warra isaanii ,ilmqaa isaanii, ilma abbaa warra isaanii, obboleewwan ykn ilmaan obboleewwanii, yk ilmaan obboleettiiwwan isaanii, ykn dubartoota Muslimaa (obboleettiiwwan Islaamummaa) ykn gabroota (shamarranii) harki mirgaa isaanii dhuunfate, ykn dhiira hojjataa mana keessaa kan fedhii saalaa hin qabne, ykn ijoollee xixiqqoo qaanii saal-qunnamtii itti hin dhagahamne malee , akkasuma akka luka isaaniitiin lafa dhiitaa hin deemne waan isaan irraa*

*bareedu garsiifachuufi. Hundi keessan Rabbiin araarama kadhaa, yaa warra amantani hoo,yoo gootan ni milkooftuu*"

**A/M ammo keeyyaticha 24:31 akka armaan gadiitti hiike;** "*Akeekachiisiin dubartoota amanan miidhagina isaanii akka dhokfatanii fi qaama saala isaanii akka saal-qunnamtii irraa tikfatan,midhaagina qaama isaniis akka hin mul'isne kan ofii isaatii mul'ate malee,hijaaba isaaniitiin harma isaanii haa dhokfatan,bareeduma isaanii akka alatti hin baasne dhiirsa isaaniitiif qusachuu qaban,akkasumas abboota jaraatiif, ykn abboota abbaa warra isaaniitiif, ykn ilma isaaniitiif ,ykn ilma abbaa warra isaaniitiif,ykn obboleewwan isaniitiif, ykn ilma obboleewwan ykn obboleettiiwwan isaaniitiif ykn gabroota isaaniitiif ykn dhiira tajaajila isaaniif kennan kana fedhii saal qunnamtii hin qabnee ykn ijoollee dhiiraa dhimma dhoorkamaa dubartiif ta'e irraa hin beekne, ammas miila isaaniitiin lafa dhiitaa hin deemne, faaya isaanii dhokataa ta'e akka mula'atuuf*, jedha.

Jechootaa fi gaaleewwan ijoo wal bira qabiinsa keessa deebii keessatti irratti xiyyeeffatame YA, jecha "ziinah" jedhu "bareedinaa fi faayota" Kan jedhutti hiike. MA immoo; "miidhagina (charms" ykn wantoota hawatoo ta'anitti hiike. H&K fi A/M immoo "adornment) (bareedina) jedhanii hiikan."Adornement" immo tarii miidhagina uumaa hin hammatu.

MA jecha "khimar" jedhu akka uffisa mataa "head covering" tti hiike, garuu kaanneen hafan immoo akka 'hijaaba'

(veil) jedhanii hiikan YA FI MA ,jecha 'jalbaab' jedhu jedhu danuu isaa immoo 'jalaabiib" jedhu akka uffata alaa(outer garment) jedhanii hiikan. Garuu YA yaada isaa keessatti dabalataan "uffata alaa "guwaanii dheeraa qaama hunda uffisu ykn shaashii mormaa fi harma dhoksu jedhee ibse. H FI K, kan isaan itti fudhatan, akka 'cloaks/veil' tti fudhatan.

Gaaleewwan ilaalchisee; '*yudniina aleyhinna min jalabiibihinna'* hiiktonni kun akka armaan gadiitti kan isaan fudhatan.

YA; "uffata isaanii kan alaa kan yeroo gara alaatti bahan ofitii gadi uffisuu qaban" dha jedhe. MA; "uffata isaanii kan alaa yeroo uummata keessa jiran ufitti uwwisuu qaban" jedha. H&K immoo "jalbaaba isaanii qaama isaanii hundatti uffachuu qabu. (guutumaa qaama isaanii dhooksuu qabu,ija ykn ija takka kan karaa ittiin ilaalan malee" .A/M ; "Cinaa uffannaa isanii kan alaa ofitti haa uwwisan"

Gaalee "*illaa maa zahara minhaa*" jedhu ilaalchisee hiiktonni Qur'aanaa kun akka itti aanitti fudhata; YA; "waan mul'achuuf salphaa ta'e malee"(*except what ordinarly appear thereof)*. MA; "waan naamusa mula'chuu qabuun ala*"(beyond what may decently be apparent thereof) .H&K* ; "Waan bakkee jiru kanneen akka ganaa ,ija takka ykn lameen xurree arguuf barbaachisan malee, ykn uffata alaa akka hijaabaa,guwaantii harkaa,qamisii; jedhee hiike.

A/M; "waan ofii isaatii mul'ate malee*," (except what which is revealed it self*) jedhee hiike.

Gaalee "*wal yadribna bi khumaari hinna alaa juyuubihinna*" jedhu ilaalchisee hiiktonni akka itti aanu kanatti hiikan. YA ; "Hijaaba isaanii  harma isaanii irra gadi haa uwwisan",  MA; "Waan mataatti uffatan harma isaanii irra akka gadi buufatan godhi" ,H&K ; "Hijaaba isaanii qaama isaanii hundarra haa uwwisan (kunis qaama isaanii,fuula,morma,fi harma isaanii) jechuudha; fi A/M; "Hijaaba isaanii harma isaaniitti haa uwwisan" jedha.

Hiika keeyyatoota haala uffannaa dubartootaa keessa deebii keessatti kan hiiktota afraniituu ifaadha, YA,gadi fageenya mata duricha irratti yaada isaa ibsa kenne, kanneen hafan sadeen immoo hiika kennuuf yaalan,tokkoo tokkoon isaanii hima ibsaa fi ergaan isaa dabruu malu uuman. Malli mata duree irratti hundaa'e kan boqonnaa kana keessatti hiika Qur'aanaa heddu ittiin madaaluuf ilaalle, akkuma ibsametti kan inni namatti garsiisu garaagarummaan hiikaa beekamaa ta'e jidduu hiiktotaa akka jiru , akkasuma dandeettii(cimina) hiiktota Qur'aanaa kanneenii  fi muuxannoo isaanii dabaluuf barbaachisaadha.

## BOQONNAA SADDEET

## XIINXALA (HUBANNOO) MATNII (IRRA-KEESSA YKN RUGUDEE) TIIF MALA QAJEELFAMA BU'UURAA ISAA EEGGATE BARBAADUU

***Saamii Kaatooviik***

Haayyoonni hedduun bu'uurri Rabbiif masakamuun, (Qur'aanaaf) fi nabiyyiif masakamuun adda baasuun hin danda'amu jedhu. Qur'aanni aangoo nabiyyii idoowwan heddutti lafa ka'ee jira. Fakkeenyaaf kanneen akka "*Dhugumatti ati qooda nabiyyii kabajaa ta'eedha, isaannan abdiin isaanii Rabbirraa ta'anii fi guyyaa kaafamaa fi Rabbi isaanii yaadatoo ta'aniif*"(33:21)

Haa ta'u malee qorannoowwan seenaa Nabiyyii fi Qur'aanaa keessatti taasifamanii fi kan bara ammaatillee waan sunnaa Nabiyyii fi Qur'aana irraa addaan baasuuf godhametu jira. Haalli kun barnoota akaadamiittis waan faayidaa qabu osoo hin taane waan dhugumaan uummataaf fide illee hin qabu. Sadarkaan fakkeenyota Nabiyyiin dabarsuudhaa kan eegale bara hiriyyoota isaanii warra ijaan isan argee fi isaaniin waliin jiraatanii fakkeenyummaa isaanii eegalaniini. Waan gaafa isaan jiran irraa dhagahan ykn argan warra gaafas hin jirreef dabarsan. Du'a Nabiitiin booda geejjiba namoota isaan hordofaniif waa'ee Nabii iraa barachuun danda'amu taha, keessattuu himamsa afaaniitiin. Khaliifaan *Ummayaad Umar Bin Abdul Aziiz* (101 AH),720 CE) bara isaatti akka hadiisni walitti qabamu qodhe. Sunnaan akka raawwii gochaatti barruulee hadiisaa ykn

himamsa afaanii irraa addaadha. Gochi kan irratti hundaa'u gochuma kaanaan dura hundeeffame (raawwatame) irraayi malee waan barraa'e ykn himamsa afaanii irraa hin dhugoomfama. Sunnaa galmeessuun ol kaa'uun himamsa afaanii fi duudhaalee barraa'an keessaan eegalamte. Haa ta'u malee, xumura jaarraa 2ffaatti, walitti qabamiinsa walii gala kan jalqabaa odeessa isa bifa kitaabaatiin argame. Jaarraa isatti aanu immoo akka walii galaatti, kan irratti walii galame walitti qabiinsa hadiisotaa jahatu jira. Isaan kunis *Bukhaarii, Muslim, Abu Daawuud, Al-Tirmizii,Ibn maajaah, fi Al-Nasa'ii dha.*

Qeeqni hadiisota duraanii calqabarratti kan irratti xiyyeeffatu, caasaa tartiibaa fi madaallii warra hadiisicha odeessaniiti. Ogeeyyiin dirree kanaa sirna baay'ee wal xaxaa ta'e kan too'annaa tartiiba haala daddabarsa warra hadiisa odeessuu fi dhugummaa hadiisa isaan odeessanii ittiin murteessan dagaagsanii turan. Saayinsiin (*al adli-wa al tarjiih)* (dhugummaa fi shakkii) kunis qoqqoodiinsa hadiisotaa dhugaa irraa gara hadiisa dharaan akka oomishamu gumaache. Hadiisonni dhugummaan isaanii sadarkaa ol aanaa irra gahe hadiisota sadarkaa "*mutawaatir*" jedhu irra ga'aniidha. Hadiisni yoo sadrkaa *mutawaatiraa* irra hin ga'in, sadarkaa "*ahad* "jedhu irratti kufa. seenaan hadiisa 'ahad' gartuu xixiqqoo lamatti qoodama. Innis 'maqbuulii' kan fudhatama qabu fi 'marduud' kan kan fudhatama hin qabneedha. Maqbuulli mataan isaa adda bahuun 'sahiih' kan sirrii ta'ee fi 'hasan'wayyaa kan ta'etti qoodama. Hadiisonni kun sahiih ykn hasan jechuuf irra gudda wanti irratti hirkatan qulqullummaa tartiiba dhufiinsaa fi madaallii namoota hadiisa kana odeessaniidha.

Daangeffama kanaan waliin wanti jiru bu’uurota tartiibaa fi irra keessi (rugudeen), tartiibnii fi qabiyyeen hadiisotaas, sirrii ta’u qaba. Mormiin rugudeelleen sirrii ta’uu qaba jedhu yoo ka’aa turellee, garuu hayyoonni hadiisaa xiyyeeffannoo isaanii mala xiinxala rugudee dagaagsuu irratti hin taasifne. Qeeqinsi rugudee jiru kan irratti xiyyeeffatu meeshaa ifatti wal diddaa jechootaa ykn gochoota Ergamaa Rabbiitti deebi’u ilaaluuf nu fayyadu irratti ture. Haa ta’u malee, malli biroo kanaan waliin adeemu kan irratti hirkate bu’uuraalee murtaa’an kan hadiisni (duudhi) ittiin madaalamudha. Malli kunis hojiirra kan oole bara sahaabota (waahellan) Rasuula keenyaati.

Hadiisota seera irratti hundaa’anii too’achuun waanuma sahaabonni nabii mataa isaaniitiin bara isaaniitti eegalaniidha. Fakkeenyaaf, hadiisa Bukhaariin odeesse kan dhimma deemsa halkanii ilaalchisee *(al-israa’a wal al mi’iraaj*) xiinxalli Aa’ishaadhaan taasifame taatee deemsa kanaa muraasni hiriyyootaa nabii warri odeessan keeyyata Qur’aanaa irraa dabsaniiti jedhu. Kutaan hadiisichaa mata duricha waliin wal qabate akka itti aanu kana ta’a.

Masruuqi akkas jechuun odeesse “aa’ishaadhaan akkas jedheen ‘yaa haadha teenya, nabiin gooftaa isaanii arganiiru?” aa’ishaanis naan jette; “wanti ati naan jette fiixee mataa kiyyaa narraa ol kaase! Beeki osoo namni wahii wantoota sadeen itti aanan kana sitti himee; inni kijibaadha,’namni Muhaammad Rabbiin arge jedhee sitti hime inni kijibaadha” eegasii Aa’ishaan aayaa qaraatee “ *argaan tamuu isa kan hubattu hin*

*taatu, hubannaan ykn beekumsi argaa tamuu isaafi,inni gara laafessaa fi akkaan argaa (hubataa) waan hundaati"(6:103). " ilma namaa kamiifuu karaa hin taane Rabbiin isatti haasa'uun yoo wahyiin ykn immoo haguuggii duubaan taate malee…"(42:51).*

*Haasaan Aa'ishaa jajjabni jecha kijibdoota (lairs) jedhu fayyadamuun namoota Nabiin Rabbi isaa halkan gaafa deemsa halkanii arganiiru jedhan sanitti hubannaa ishee Qur'aana irratti hundaa'uudhaani " argaan tamuu isa hin hubattu (kan argitu hin taane)" fi inni kan dubbatu hin taane yoo wahyiin ykn haguuggii duubaan taate malee" kan jedhu yoo ilaalle. Akka Aa'ishaatti wanti gaarii isaaniitiin kaa'ame kan wanta ta'amee ifatti Qur'aana waan faalleessuf kanaafuu bu'uura Qur'aanaatiin dhoorkamuu qaba. Yeroon yoo itti jiraatellee, mormiin ykn ragaan guduunfaa aa'ishaa kana faallessu ni mormama. Dhugatti akkasuma tureelle. Haa ta'u malee qabxichi, isheenis hadiisa xiinxalaa kan turte bu'uura murtaa'e isheen kan darbe irraa uumtee fi lafa keetteeni.*

*Mala bu'uuraa ta'e fayyadamuun walii galaan kan beekumu, naannawa barnoota amantii (tokkichummaa) Rabbiitti. Hayyootni qo'annaa amantii hedduun maloota qo'annaa ta'e kana keeyyatoota Qur'aanaa fi hadiisota kan waa'ee Rabbi haasawan qo'achuf ofitti fudhatniiru. Beekumsi sirriin waa'ee Rabbii Qur'aanaa fi hadiisa sadarkaa 'gabaasa walirraa hin cinne (mutawatir)" ga'e irratti hirkachuu qaba. Fakkeenyaaf,* Bukhaarii fi Muslim keessatti hadiisota "kolfa" Rabbiitiif ragaa ba'an agarra. *Ibni jaawzii dhaaf*, kolfi gocha

ilmi namaa godhuudha. Kanaafuu kun Rabbiin hin ibsu.hadiisota kaanniiis kan ibse, namni tokko yoo kolfe maaltu uumama kan jedhuun wal qabsiisuun “Kolfi gocha namoota moo’atu, kan yeroo ilkaan afaaniin haguugame bakkeetti baasuudha. Garuu gochi kun gonkumaa Rabbiif hin malu, inni akkaan olaanaa fi akkaan guddaa kan ta’eedha.

Akka Khalid Abu El-Fadliitti, namni tokko hadiisa gabaase isa gumaachuudhaan gahe, gabaastota hadiisaa addaan kutuu hin danda’u. Kara biraataan, wanti nuti ofitti odeessine tarii waan nabiin jedhan of keessaa qaba, garuu kan dhageenne namoota kitaabotaaf hadiisa gumaachan keessaanii beekaniis osoo hin beekiniis haa ta’u. Namni tokko tarii hadiisa odeessuu danda’a. Karaa ta’een loogii fi haala mataa isaa irratti hundaa’ee jechuudha. Dabalataanis, hadiisni kun caasaa sirrii jiruun walitti makame kunis tarii kanneen biroo caalaa gatiin kennameefii jira ta’a. Akka fedhetti namni wahii tasumatti rasuulli akkas jedhan jedhee odeessuun dhugarraa kan fagaateedha. Osoo beekumsa barreessitootaa tartiiba isaanii sirritti hin ilaalin jechuudha. Sagaleen nabiyyummaadhaa cimaa ykn laafaa ta’uu danda’a. beekumsi barreessitootaa ykn hubannaa keessa galuu qaba. Kanarras darbee, madaalliin tartiiba odeessaa fi loogii isaan itti fidan qofa osoo hin taane, hiriyyummaan rasuulaatuu mataan isaa mata duree qeeqamuudha. Sararri sababeessaa fedhii kan lafa kaa’ame kun bu’uuruma fudhatama qabu gara gaafiitti geese. Akka Ibni Hajar lafa kaa’etti, “Ahlul Sunnaan kan irratti walii galan, sahaabonni hundi “uduul” dhugoomfamtoota”.’Adaalah ‘immoo namni beekkaan karaa ykn dhugaa irraa gore hin jiru jedhu. Kana jechuun isaanii

dogongora irraa bilisa (akka hedduun namaa itti hubate) jechuu miti. Garuu beekanii dhugaa hin dabsan jechuudha malee kan jedhu.

Fadli qajeelfama bu'uura faayidaa qabu kan madaallii hadiisa ta'e tokkoof fayyadu uume. Bu'uurri Kunis sadarkaa ol'aanaa ta'e hadiisotaaf fayyadamamu qaba.kunis isa dhiibbaa hawaasaa cimaa fi kan dirqama seera waan tokkoo ta'e bira darbe ta'uudha. Yoo hayyoonni qajeelfama hundee ta'e hundeessan, battalumatti hadiisa ta'e dhoorkuuf ykn fudhachuuf miti. Kunis Dallaa hadiisa tokkoo yammuu qo'atan xiqqoo dhaabbatanii akka of gaafatan uumuudhaafi. Tarii murtii namootni saffisaan irra ga'an, salphamatti hadiisa ta'e walitti qabuun hadiisa sirrii keessaa argachuun ni danda'ama ta'a.

# BOQONNAA SAGAL

## WALHIIKINSA BOODA GARGAARSA MAALLAQAA DUBARTIIF GODHAMU

## AKKA ILAALCHA ISLAAMATTI (MUT'AT AL XALAAQ)

***Muhaammad Aadam El-Sheikh***

Mata dureen qorannoo itti aanu keessatti dhihaatu gargaarsa maallaqaa adda bahiinsa boodaa fi akkuma seera Islaamaa keessatti beeknutti walitti dhufeenya "mut'at al xalaaq" waliin qabuudha. Hubannoon beektota olaanoo fi gochaan seera addunyaa Muslimaa amma jiru kan garsiisu, dubartoonni erga hiikamtee booda gargaarsi maallaqaa, qoodinsi qabeenyaa fi meeshaaleen manaa kanneen yeroo isaan waliin jiran walitti qaban hin jiru. Dirqamni jiru dawoo, nyaataa fi uffata guutummaatti dubartiin takka addaan bahiinsa argachuu ni dandeessi kan jedhuudha. Erga addaan bahan booda niitiin hiikamte takka kennaa fudhachuu ni dandeessi. Hubannaan kun kan inni ilaalcha keessa galchu dubartoonni gargaarsa baatii sadiin seera Shari'aatiin ajajamuuf kan yeroo eegumsaa (iddat-al xalaaq) keessatti gargaaramuu qabdi kan jedhuudha. Abbaan murtii seera Shari'aa Islaamaa Suudaan duraanii fi imaamni handhuura Islaamaa jiraataan U.S.A Kan ture, kan akka araarsaa fi abbaa murtiitti Muslimtoota Ameerikaa kaaba keessatti waggoota 20 oliif tajaajilaa turan wantoota kana fakkaatan hedduutu na muudataa ture jedhu. Dubartootta hiikkaman irrattis daba gahu argaa ture. Miidhaa isaanii diddaa seerota

Islaamaa kanaan addaan bahiinsa booda gargaarsa maallaqaa irratti isaan dhaqqabe ragaan baha. Seerri al-Islaamummaa fi gochi farra dhala namaa dubartoota Muslimaa walhiikinsa booda muudate kun keessa koo daraan na miidhee ture. Dhimmicha fedhii koon dubartootaaf jedhee qorachuu fi akka Islaamummaan sirrii gumaa kana kafaluuu isaa mirkaneessuuf akka qorannoo kan gaggeessu fedhii natti hore.

Hayyoota qooda kennitoota durii keessaa tokko, *Imam Al Xabaraanii* ,yaada isaa dhimma keeyyata Qur'aanaa wal hiikkaa waliin wal qabatu irratti kenneen, mirga dubartoonni wal hiikkaa booda gargaarsa maallaqaa argachuu (mut'a) ykn kafaltii hiikinsaa namni hiiku  dubartii hiikamtuuf kafalu haalaan jajjabeesse. Akkas jedhee ture "akka itti amanutti, kafaltiin hiikinsa boodaa (mut'aan) kafaltii dirqamaa kan dhiirsi niitii isaa hiikeef raawwachuu qabuudha. Akkuma gabbara ishee keessatti (mahrii) ishee kafaluun dirqamaa kafaltii (mut'at ala xalaaq) kafaluun dirqama isarratti ta'a. dirqama akkasii jalaa bahuu gonkumaa hindanda'u hanga ishee ykn dhaaltota isheetiif kafalutti,mut'at al xalaaqa akkuma duubeewwan biraati. Sababa isheetiif dhiirsi too'annaa jala oolee hidhamuu fi waan niitii isaa hiikee fi mut'aa ishee hin kafaliniif qabeenyi isaa gurguramuu ni danda'a.

Abu al-Fidaa Ismaa'el Ibn Kasiir, *mut'at al xalaaq* akki itti hiike "Mut'aan kafaltii dhiirsi niitii gadi dhiiseef akka humna isaatitti, kan dubartii hiikamte sababa hiikamuu isheetiin waan isheen dhabde ittiin bakka buusaniidha.  Imam Fakir Al-Din Al Raaziin, hayyoota akkaan beekamoo gadaa isaa keessaa

tokko kan ta'e, deeggaraa hayyoota yaada mut'aan dhimma filannoo qabu osoo hin taane dirqama jedhuuti. Al zam al kashiiriin, hayyuu baayyee beekamaa fi beektota Islaamaa keessa tokko kan ta'e wanti inni jedhee amanu; hiikinsa booda gargaarsi dubartii dirqama kan ta'u dubartoota yeroo ga'ilee isaanii osoo hin guuttattinii fi warra kaanneeniif immoo waan gorfamaa ykn dhaamamaadha jedha. Sheek Rashiid Ridaanis hayyoota yaada gargaarsa dubartootaa hiikinsa booda a fi dirqama itti gaafatamummaa dhiirsi hiike niitiif gochuu qaba jedhu burqisiisanii ni deeggara.

Nabiin dubartii "umrah " jedhamtee waamamtu intala Yaziid Ilma Zakariyyaa kan gosa *Kilaab* jedhamtu tan taate, fuudhanii sababa hin beekamneen gaa'elli isaanii yeroo gaa'elli turuu qabu (consummation period) osoo hin xumurin yeroo ishee gadi dhiisan , Nabiin waan silaa booddee hiikinsaa isheen argachuuf mirga ishee tahu kafalanii fi gara mana maatii ishee gaggeessan. Gocha nabiyyii kana wanti irraa barannu, yeroon isheen mana nabiyyii turte xiqqaa ta'ullee, yeroo hiikansa keessa deebii hin qabne isheerratti raawwatan, kafaltii booddee wal hiikinsaa (mut'aa) kafalaniifii jiru kan jedhuudha.

Hayyoonni seera Muslimtootaa dhimma kana irratti yaada garaa garaa lama qabu. Muraasni isaanii akka dirqamaa (waajiba) akka seeraota Islaamaa jalqabaatti kan ilaaln yoo ta'u, gariin isaanii immoo akka kutaa seera Islaamaa lammaffaa gorfamaa ykn dhaamamaa (munduub) ta'eetti ilaalu. Haa ta'u malee gama hojiirra oolmaatiin yoo ilaalle, hayyoonni seera Muslimaa kafaltii walhiikansa boodaa akka dirqamaatti hin

ilaalan. Warrummaan akka dirqama ajaja Rabbirraa dhufeettii itti amananuu hin jajjabeessine. Raawwiin isaa baay'ee xiqqaadha. Bu'uurichi guutumatti kan didame ykn dagatamee fi haftee barmaatilee jalatti awwaalamee jira. Hawaasa har'aa keessatti dubartoonni hedduun, mataa isaaniitiin baasii isaanii cufuu fi ofii ijoollee isaanii gargaaruuf galii argachuu qabu. Haalota akkanaa keessatti gumaan (kafaltiin bakka buusaa) dubartoota hiikamanii barbaachisaadha.

Sababni isaa wabiin jireenyaa (nageenyummaa) sirnoota maatii gurguddaa saffisaan dhiqamee badaa waan jiruufi. Har'aan tana,bifa garaa garaatiin dubartoonni gadi dhiifaman,bakka kuuluu itti galan(dawoo godhatan) kan hin qabnee fi mataa isaaniis ta'ee ijoollee isaanii gargaaruuf madda maallaqaa kan hin qabneedha. Wanti nama seenessu, hayyotni seeraa nu dursan, dhimma gargaarsa maallaqa kan dubartoota gadi dhiisinsa boodaa irratti dhaala daangeffame nuuf hambisan. Akkasuma qabeenya qoodinsa irrattillee homaayyuu kan hin jirreedha. Garuu, Madaalliiwwan hedduun waahellan Rasuulaa, kan akka '*Abdullaah Ibn Abbaas fi Al Hasan Ibn Aliitiin* gabaafame ykn taatee rasuulli mataa isaaniitiin yeroo hiiknsa dubartootaa isaanii kan yeroon turtii gaa'elaa isaanii osoo hin ga'in raawwatame, mut'aa ishee kan kennannii fi Abu Usaayidi akka maatii isheetiin gahu gaafataniidha.

Beektonni seera Islaamaa dursanii gahee keessa deebii hojiirra oolmaa gargaarsa hiikaa boodaa (mut'at al xalaaq) akka Qur'aanaa fi sunnaa keessatti murtaa'e fudhachuu qabu. Bara ammayyaa kanatti sababoonni garaagraa hojiirra oolamaa seera

kanaaf nu dirqisiisan jiru. Akkuma hedduu keeyyatoota kitaaba qulqulluu (Qur’aana) keessatti gabaafametti kun ajaja Rabbiiti. Akkuma Sunnaadhaan ibsameefi deeggarame, hiriyyoonni Ergamaa Rabbii fi hordoftootaanis deeggaramee jira. Ibsa qajeelfamootaa bu’uuraalee Islaamaa haqqummaa fi wal qixxummaa hidda gadi fageeffate kan hundaan walii galaan, addatti immoo dubartootaa fi fedhiiwwan irra gaarii ilmaan namaan reefu dhalatanii fi isaanis warroota sababa hiikkaatiin calqaba miidhaaf saaxilamoo ta’aniidha.

Dabalataanis, akka karaa (mala) miidhaa gosa kamuu dubartoota hiikaman saaxilamaniif kamuu ittisuutti, tajaajila isaan gargaarsa barbaacha har’aan tana harka bal’isanii boo’aafii jiran kan homtuu jalaa hin awwaanneeti jechuudha. Dhumarratti akkasumas hojiirra oolmaa dhaamsa Nabii keenyaa kan gaafa guyyaa arafaa (hajjit al wadaa’a) jedhamu hajji xumuraa kan Nabiin keenya godhaniiti. Dhimmoonni kun baayyee isaan bu’uura ta’an, akkaan jajjabaa fi jireenya ilma namaa iarratti dhiibbaa geessaniidha.  Akkasumas booddeen isaa hammeenya biroo geessisuu kan danda’uudha. Waan kana ta’eef hayyoota seera Islaamaa akka isaan rakkoo mul’achaa jiru kana fuuldura dhaabbatanii fi haqqummaa fi wal qixxummaa seera shari’aa Islaamaa akka waan hundarratti hojii irra oolchuun mirgoota dubartoota hunda akka eegsisan (eegsisan) isaan taasisa.

# BOQONNAA KUDHAN

## QO'ANNOOWWAN ISLAAMUMMAA WARRA DHIHAAF MALA MUSLIMOOTAATTI FAYYADAMUU

Keessattuu taatee hagayya 11, 2001 wajjiin walqabatee, ibsi akkaan sodaachisaan shororkeessumaa dharaan maqaa amantii Islaamaatiin raawwatame**,** kan sodaa Islaamaa (islamophobia ) warra dhihaa keessatti kan akka olguddatu taasise sabaa himaalee fi barnoota akkaadamii qofa osoo hin taane, dhiibbaa nageenyummaa Muslimtootaa irrattis ol kaasee jira. Kenninsi hariiroo badii jidduu sabaa himaalee fi addunyaa barnootaa ameerikaa keessatti; yaaddoon sabboonummaa irirraata'aadhaan amaleeffame kan akkaan babal'atiinsa soda Islaamaa (islamophobia) fi waa'ee irratti walii galiinsa walii gala fi akkaataa isaan salphisanii ilaalan hubachuun nama hin rakkisu. Osoo qorannoo amantiiwwanii hin dagaagsinii fi jechoota gahaa amantii caasessuf dandeettii qabu hin dagaagfatin ,sabaa himaalee fi barboonni isaanii yeroo hunda suuraa amantii kan suuraa Muslimtootaa hin taane, faallessaa fi saantima siyaasaa gochuun, fakkii Islaamaa karaa haqarraa maqeen lafa kaa'aa turan. Kanneen itti aanan fakkeenyota muraasa rakkoo Qur'aanarratti raawwatameedha.

Xiinxala himiinsa seenaa irratti yoo xiyyeeffanne, qorattoonni Muslimaa yaadota dogongora ta'an, mirkaneessuu fi gahee bu'a qabeessa qabu taphachuun seera dogongora amantii isaanii dhabamsiisuu danda'u, qorannoo amantii fi Islaamummaa jidduu addaan kutatme baay'ee guddaa ta'etu jira.

‘Hedduun Islaamistootaa “Warri muummee amantii irratti ramadaman beektota amantiiwwaniitii miti. Sila ta’eef, walumaa galatti amantiiwwanii fi jechoota isaaniitiin walitti madaqiinsa hin qaban. Pirofessaroonni Muslimaa hedduun barnoota Islaamaatiinii miti kan leenji’an barsiisota kan ta’aniif takkaa Araba jedhamuudhaan ykn Islaamummaa barsiisuu ni danda’u jechuudhaani. Haalota heddu keessatti, afaanuma Arabaallee hin beekan. Rakkoon akkaan hamtuu taatee argamtu hedduun Pirofessarootaa Muslimaa jibbiinsa gartuu ykn amantima nama dhuunfaa fiduu fi mata duricha ykn dhimmicha bifa kaayyoo qabuun itti hin dhihaatan.

Akkasuma qorannoo Islaamaa akka damee barnoota amantii keessatti ilaaluun fooyyessuun kan barbnaachisuu fi qorannoowwan hedduunis dhimmicharratti gaggeeffamaniiru. Qorannoon amantii booddee Inlaayitimentii(of-haaromsuu) jarman keessatti kan eegale akka “Wissenchaft Amantii” booda ammo akka damee barnoota citaatti “wissenchaft des-judentums” fi “wissenchafti Islaamaa” tti. Haa ta’u malee, dogongora ta’a, yoo garaagarummaan dameewwan barnootaa xixiqqoo maqaan dhahame kana jidduu jiru xiyyeeffannoo amantii qofa jennee kan yaannu taate. Maqaaleen baay’ee beekamaa ta’e kan islam wissenchaft durii wajjiin wal qabatee jiru. Warri Muslimaa hin taane kan akka *Joorji-Fireytag, Antooniyoo Isaaq Silvistiiree Springer fi Ignaaz Goldiziher* hundi isaanii kan Muslimoota hin ta’anii fi isaannan achi boodas ilaalcha orentaalistii qorannoo Islaamaa keessatti akka waan irra caaluutti hojiirra oolchaniidha.

Yeroo toorri qo’annoo amantiiwwanii akkaan guddaa ta’ee fi maloonni barbaachisoo ta’an ifatti Islaamummaaf lafa guutan, yaaddiddii fi kitaabni akkaan waamama qo’annoo warra dhihaa Islaamaarratti godhaniif, kan irratti hundaa’e, barruulee hayyoota warra beekanikis haa tahuu osoo hin beekin jechoota rakkisoo ta’an bocan (wixinaniidha). Jechoota akkasii keessa kan akka “fundaamentaalistii “ “raadikaalistii” fi “ moodarnestrii” fa’aadha. Har’aan tana “fandaamentaalistoonni” jecha dibaabee wantoota hunda of keessaa qabu warroota hamma sdu’aatti ilaalcha durii qaban (the traditionalist) qabee hanga hidhattoota farra mankaraarsitoota Ameerikaati.

Jechoonni kunniin tooftaa ittiin karaa amantiirraa nama baasan fi karaarraa nama maqsuu ittiin hundeessaniidha. Akka kora warra Muslimtootaa hin ta’in ammayyaawoo jedhamaniin ibsametti, Muslimni ibsa Muslimtoonni biroo akkaan waan yaada biroo tokko ta’e waliif qooduu hin dandeenye akka mankaraarsaa hin haarawoominiiti.

Qo’annoowwan Islaamaa waan too’annaa qorannoowwan amantii jalatti hin qorataminiif, ogeeyyii Muslimaa warra qo’annoo Qur’aanaa gaggeessan akkasuma osoo beekumsa Warra Dhihaa (jechoota hiikaaf tajaajilan) osoo hin qabanne gaggeessu, yeroma pirofessaroonni Muslimaa mata duree isaanii gamuma amantiitiin gaggeessamu, haalli itti dhiheessan akka waan bara duriiti. Namni hiikota Al Xabarii, Al Zamakhisheri fi hayyoota duraanii keessummeessuu danda’a. Garuu, namni mariiwwan Muhaamad Al Ghazaalii ykn xaahaa la alwaanii dhagahe kan gochuun balala taha.

Dabalataanis, Muslimaa kan durii fi kan ammaas yaadota hedduu kanneen akka *loogoo-sentirizm, phallo-centirism, qeeqa deebii dubbistootaa, preterism*, dogongora dhugaa, dogongora idilee addunyaa marsaa (geengoo hiikinsaa), tiyoorii ajaja waaqaa, haalota gara garaa keessatti osoo ta'eellee mari'ataniiru. Haa ta'u malee, yeroo yaada isaanii dhiheessan, hayyoonni kuni yoo jecha warra dhihaa kan hin beekne taate,ini/isheen bifa qixa ta'een wal bira qabanii wal madaalchisuu hin danda'an. Meeshaalee ykn ragaalee kitaaba qulqulluu fi tiyooriiwwan amantiiwwanii itti deebi'anitti madaquu dadhabuun, Muslimtoonni yeroo hedduu walitti hidhamiinsa kessoo – kitaabotaa uumuu hin dandeenye.

Kanaaf fakkeenyi gaariin seenaana (himamsa) waa'ee barbadaa'iinsa *Soodomii fi Gomooraahti*. *kitaaba qulqulluu Hebrew keessatti , Ibraahim uummata Luuxiif dhimma isaa dhiheessuun ni kadhateef, garuu Genesis 18, keeyyata dhumaa keessatti akki itti dhihaate, osoo namoonnumaan kudhan gaggaariin jiraatanii silaa magaalattiin adabbii waaqaa jalaa baraaramtee jirti jedha. Qur'aana dubbisaan yoo keessoo dubbii kanaa ilaale kan Qur'aana keessa hin jirre, keeyyatoota 11:70-4 irra deddeebiin yaaduun, gaafii nabi luuxii aayata 11:78 waan qabatama dhugaa jiruuti; iyyannaa qofa osoo hin taane, yaamicha gocha murtaa'aa ta'e kan waadaa waaqaaf deebiiti.*

*Kutaalee waa'ee mata duree wal bira qabiinsa amantiiwwan nabi ibraahim keessatti, barattoonni garaagarummaa yeroo keeyyata Qur'aanaa baratanii fi kitaaba*

*qulqulluu (bible) dubbisan adda baasuu fi barreessuu fi hin rakkanne. Rabbiin Islaamaa murteessaan, Kan gabbartii akkaan gabbaramaan Isaan maluu fi murtii jaalataa ta'e Kan sammuu Warra Dhihaa keessatti uumame fi hanga tokko hubannoo Muslimootaa muraasa keessallee jiru, dhuguma Gooftaa Araaramaaf Jaalataadha.*

*Haala gaddisiisaa qorannoo Islaamummaan miilota orentaalistootaa irratti komii kaa'uun dhugumatti salphaadha. Garuu tooftaa barnootaa haarawa kanaan akka walii galaattii fi addatti immoo barnoota Qur'aanaa qofaan, Muslimoonni gumaacha hiika qabu damee barnootaa (muummee) kanaaf gochuu danda'a.*

*Rakkooleen ijoon lameen Fadlu rahmaan barnoota Islaamaa keessatti adda baase hanga ammaattuu hojiirra oolaniiru; hanqina itti dhagahama dhugaa waliin deeminsa Qur'aanaa har'aan tana waliinii fi sodaa tarii dhiheessi akkaasii kun qabxiilee duraan fudhataman irraa maqinaa jerdhudha. Rakkooleen kun kan wal-qabataniidha. Haala qo'annoo barnoota amantii Warra Dhihaatitti fayyadamuun furmaata isaati*

*Gumaachitoonni*

1. *Israan Ahmad Khan; Pirofessara Qur'aanaa fi Sunnaa, Yuuniversiitii Intarnaashinaalii Islaamaa, Maaliziyaa*

2. *Aa'ishaa Muusaa, Pirofessara Qorannoo Islaamaa, Muummee Qorannoo Islaamaa, Yuuniversiitii Intarnaashinaali Filooriidaa*

3. *Mahmuud Ayyuub, Pirofessara Qorannoo Islaama fi Qorannoo Hariiroo Kiristaanummaa fi Islaamummaa Yuuniversiitii Hartford Seminary, Usa*

4. *Khaalid Tiruudii,; Dr. Qur'aanaa fi Tafsiiraa*

# KITAABNI KUN

*Barruun kun cuunfaa qo'annoolee hayyoota gara garaati. Israar Ahmad haqamiinsa keeyyataa ykn ergaa Qur'aanaa ilaalchisee deeggartootaa fi warra mormantu uumame jedha. Aa'ishaa Y.Muusaa diinonni Islaamaa hubannaa dogongoraa 'Jihaada'rratti horataniin Islaamummatti humnaan duulan, qabsoon (Jihaadni) onnee, arrabaa, harkaa fi waraanaatti kan qoodamuu fi lolli (qitaal) yoo dirqama ta'e qofa kan lolamuudha jetti. Qur'aanni heddummina amantii ni kabaja, "Amantii keessa dirqamni hin jirtu" (2:256) jedha.*

*Khaalid Tiruudii ammoo Muslimtoonni Qur'aana akka kitaaba qulqulluu hunda dhuunfataa (muheymin) fi hunda galeessa (universal) ta'eetti amanu kan jedhu qoratee ture. Muhaammad Abu Na'imii hayyoonni Islaamaa mummeewwan ammayyaa birootiin beekamoo ta'annis, beekkumsa Qur'aanaas qaban jechuu miti jedha. Qorataaan Imaadaddiin Ahmad sookoo fi sorgoo Qur'aanaa hubachuuf tooftaa haara barbaachisa, rakkoolee taatee hagayya 11, 2001 wajjiin walqabatee mudatanis mala kanaan dura dhaabatuu malle jedha.*

*Daawud Nasiimii ammoo malli mata duree irratti hundaa'ee jechoonni Qur'aanaa hiikaman garaagarummaa hiikaa, dandeettii fi muuxannoo jidduu hiiktotaa jiru addeessa jedha. Fakkeenya jecha 'hijaaba' jedhu kaasa. Walumaagalatti, Islaamummaan guddina madda ragaa kaa'umsa saayinsii hadiisaa keessatti shoora guddaa taphateera jedha.*